
# GAGGEESSITOOTA GUDDISUU

## BARSIISA MACAAFA QULQULLUU


RAAJOTA (THE PROPHETS)

©2022 HTTP



## 1. Raajota keessatti Macaafonni argaman isaan kami? (What books are found in the Prophets?)

Macaafonni Raajota keessa jiran kanneen armaan gadiiti: Iyyaasuu, Abboota Firdii, Saamu'eel (1-2 jalqaba irratti macaafa tokko ture), Mootota (1-2 jalqaba irratti macaafa tokko ture), Ermiyaas, Hisqi'el, Isaayaasii fi "warra 12" (Hoose'aa, Yo'el, Amos, Obaadiyaa, Yoonaas, Miikiyaas, Naahom, Anbaaqom, Sefaaniyaa, Haagee, Zakaariyaas, Miilkiyaas). Macaafonni kunniin akka waan dubbistootni isaanii Seerota (Seera Uumamaa, Ba'uu, Lewwoota, Lakkoobsaa fi Keessa Deebii) waliin wal beekanitti yaadu. Macaafonni raajota keessa jiran kun hundinuu dhimmoota baay'ee Seerota keessaa fuudhanii itti fayyadamaniiru. Macaafonni kunniin uumamuma isaaniin Seerota sanaan booddee kan itti fufanidha. Kana jechuun duraa duuba seenaa saba Waaqayyoo keessatti kan seerotatti aananii dhufanidha jechuudha. Macaafonni kunniin immoo akka dubbistootni isaanii caaffattoota (Kakuu Moofaa keessatti kutaa sadaffaa irratti kan argaman) hubataniif isaan qopheessa. Xumura irratti, Raajonni kunniin irra deddeebiin Kakuu Haaraa yeroo isaan caqasan ni mul'ata. Barreessitootni Kakuu Haaraa immoo akka dubbistootni waan waa'ee Raajotaa hanga tokko beekaniitti yaadanii barreessani. Barreessitootni Kakuu Haaraa akka wantootni Raajota keessatti caafaman dhugaa ta'uu qabaniitti barreessan.



## 2. Raajonni Akkamiin toora qabsiifaman? (How are the Prophets arranged?)

Raajonni gareewwan lamatti addaan qoodamuu ni danda’u. Gareewwan Macaafota raajotaa warri jalqabaa macaafota seenaati. Raajota keessatti macaafonni gartuu isa jalqabaa kana keessa jiran Iyaasuu, Abboota Firdii, Saamu’el (1-2 kan jalqaba irratti macaafa tokko ture), fi Mootota (1-2 kan jalqaba irratti macaafa tokko ture) dha.Raajota keessatti macaafonni gartuu lammaffaa keessa jiran immoo macaafota barsiisa gaggabaabaa bifa walaloo warra Ibirootaatiin barreeffamaniin guutamanidha. Isaan kun Macaafota Hiikaa jedhamaniis waamamuu ni danda’u. Gartuu lammaffaa raajotaa kun seenaawwan muraasa kan of keessa qabu (fakkeenyaaf, macaafni Yoonaas yaada seenaa gaarii ta’e tokko irratti xiyyeefatu of keessaa qaba) yoo ta’ellee, irra caalaan isaanii barsiisawwan gaggabaabaa bifa walaloo warra Ibirootaan barreeffameen kan guutamanidha. Raajota keessatti macaafonni gartuu lammaaffaa kana keessatti argaman Ermiyaas, Hisqi’eel, Isaayaas, fi “warra 12 (Hoose’aa, Yo’el, Amos, Obaadiyaa, Yoonaas, Miikiyaas, Naahom, Anbaaqom, Sefaaniyaa, Haagee, Zakaariyaas, Miilkiyaas)


Macaafonni seenaa Raajota keessa jiran hojiiwwan Yaahiwwee fi hojiiwwan Isiraa’el irratti xiyyeeffatu. Addumatti immoo macaafonni seenaa amanamummaa Yaahiwween eegumsa saba isaaf taasisuu keessatti agarsiisuu fi sabni immoo Yaahiwweef abboomamuu fi abboomamuu diduu isaanii irratti xiyyeeffatu. Yeroo baay’ee xiyyeeffannoon mootii irra jira. Sababni isaas mootiin gaggeessaa saba Waaqayyooti. Kanaafuu, hojiin inni hojjetu barbaachisummaa addaa qaba. Sabni abboomamuu fi abboomamuu diduuf mootii hordofa.


Macaafonni seenaa Raajota keessatti argaman warra seenaa addunyaa kanaa irratti xiyyeeffatan miti. Taateewwan kutaa addunyaa kanaa hunda

keessatti ta’an ta’an hunda hin ibsan. Isarra, Seenaa saba Isiraa’el irratti xiyyeeffatani (yookaan immoo gara boodaarra seenaa Isiraa’elii fi Yihuudaa). Kana jechuun sababii Waaqayyo waa’ee kutaawwan Addunyaa hafanii dhimma hin qabneef miti. Garuu, Waaqayyo karaa sanyii Abrahaam guutummaa sanyii dhala namaa addunyaa kana irra jiraniif akka eebba fidu abadachiisee waan tureefidha (Uumama 12:1-3 ilaalaa). Kanaafidha taateewwan Isiraa’el keessatti ta’an addatti barbaachisoo ta’anii kan argaman. Darbee darbee garuu barreessitootni gartuu macaafota kanaa taateewwan saba biroo keessatti ta’an irrattis yeroo isaan xiyyeeffatan ni mul’ata. Fakkeenyaaf, ajajaan waraanaa warra Sooriyaa tokko lamxii irraa qullaa’e (2 Moototа 5 ilaalaa). Akka Yesuus edhetti namni yeroo sanatti lamxii irraa qullaa’e isa qofaa ture. Isiraa’el keessaa kan fayye tokkollee hin turre (Luqaas 4:27 ilaalaa). Fayyinni nama Sooriyaa kun ergaa saba garaagaraa fi Isiraa’elotaaf dabarsuuf kan yaadame ture. Darbee darbee kan barreeffame yoo ta’ellee kutaan kunniin akka sabni warri kaanis xiyyeeffannoo addaa barbaadan ibsuu irratti xiyyeeffatu. Karoorri Waaqayyoo guutummaa biyya lafaaf akka ta’e agarsiisu. Akkasumas immoo sabni Waaqayyoo isaaf abboomamuu akka qabanii fi yoo hin abboomaman ta’e immoo eeguma isaa akka argachuu hin dandeenye agarsiisaniiru.

Raajota keessatti macaafonni barsiisa xixiqqaa of keessaa qaban akkuma macaafota seenaa Raajota keessa jiranii irra caalaatti warra Isiraa’el irratti xiyyeefatu. Akkuma macaafota seenaa Raajota keessa jiran ilaalle, kunis immoo Waaqayyo waa’ee qaamota addunyaa gara biroof hin dhimmu jechuu miti. Isarra garuu, Isiraa’el kuku isaaniitiif abboomamuun akka Eebbi Waaqayyoo guutummaa addunyaaf dhufuuf sababa akka ta’aniifidha.

Haala ittiin Yesuusii fi bartootni isaa taateewwan macaafota Raajotaa gartuu jalqabaa keessa jiran ittiin hiikan yaada keessa galchanii itti fayyadamuun lallabdoota ykn barsiisotaaf fayidaa guddaa qaba. Akkasumas immoo Yesuusii fi barootni isaa akkamitti barsiisawwan gaggabaabaa macaafota gartuu Raajotaa isa lammaffaa keessatti argaman hiikanii fayyadaman yaada keessa galchuun barbaachisaadha.






# 3. Seenaa Gaddisiisaa Isiraa'el Lafa Abdii Keessatti (The tragic history of Israel in the Promised Land).

Macaafni Musee yeroo Isiraa'el biyya abdachiifamanitti galuuf jedhanitti xumurame. Dubbistootni akka waan Isiraa'el Yaahiwweef abboomamuu keessa deddeebi'aniitti abdataniiru. Haa ta'u malee, Macaafa Musee itti siqanii dubbisuun akka dubbistootni seenaa gaddisiisaa Waaqeffanna sobaa fi abboomamuu diduu Isiraa'elotaa akka hubataniif isaan gargaara. Museen dursee akka Isiraa'elonni Waaqayyoof abboomamuu didanii fi laficha keessa hin turre raajee ture (Keessa Deebii 4: 15-31ilaalaa). Yeroo namni dubbisu macaafa raajotaa dubbisutti, raajiiwwan Museen dubbate Iyaasuu, Abboota Firdii, Saamu'elii fi Mootota keessatti akka ta'anii darban arguu ni danda'a. Jalqabuma irraayyuu, Isiraa'elonni Yaahiwweef abboomamanii deddeebi'uu didaniiru (Iyaasuu 7 ilaalaa). Yaahiwween Isiraa'elota ammas ammas irra deddeebiin kan bilisa baase yoo ta'ellee, Isiraa'elonni garuu waaqolii sobaa waaqessan. Yaahiwween raajota erguudhaan Isiraa'eliin gara qalbii geedddarannaatti waame. Isaa'elonni immoo isaan dhaga'uu didan. Akkuma ilmi Waaqayyoo inni hangafaa (Addaam) bakka gaarii Waaqayyo isaaf qopheesse keessaa baafame, haaluma wal fakkaatuun "Ilmi" Waaqayyoo Isiraa'el ammaan booda baqqa Waaqayyoo sana keessa turuu hin danda'an.

Fakkeenyi dubbii Kakuu Moofaa Isiraa'el keessatti haala dhaabbataa ta'een fayidaarra oolaa ture Muka Wayinii dha (Far. 80:8-14, Isa. 5:2, Erm. 2:21, 5:10, 6:9, fi 8:13 ilaalaa). Yaahiwween immoo isa dhaabee kunuunsu waliin walbira qabameera. Inni muka wayinii isaa lafa ofii isaa qopheesse irra dhaabe. (Isa. 5:2 ilaalaa). Yeroo murtaa'eef muki wayinichaa akka waan guddachaa jiruutti mul'ate (1 Mot. 4:25). Haa ta'u malee, muki wayinichaa ija gadhee godhate (Isa. 5:2 fi Hos. 10:1 ilaala). Dhuma irratti, muki wayinichaa biyyee keessaa buqqaafamee lafichi qullaatti hafe (Far. 80:8-14). Haala nama gaddisiisuun seenaan kun seenaa sabni Isiraa'el lafa gaarii isa Waaqayyo kenneef keessatti dabarsanidha. Fakkeenyonni Yesuus Mat. 21:33-42, Mar. 12:1-10, Luq. 13:5-7 fi 20:9-17 keessatti fayyadame hundi akka namoonni seenaa gaddisiisaa kana yaadatan kan godhanidha. Haa ta'u malee, seenaan "muka wayinii" Waaqayyoo ija godhachuu qofaan hin xumuramne. Yesuus, akkuma Isiraa'el muka wayiniitti fakkeeffameera (Yoh. 15 ilaalaa). Boqonnaa kana keessatti, Yesuus "muka wayinii isa dhugaa" jedhee of waama. Haala faallaa Isiraa'eliin Yesuus yeroo hundumaa ija gaarii godhata (Far. 1:3 ilaalaa). Warroonni isa keessa jiraatan hundumtuus immoo ija gaarii godhatu (Gal. 5:22-23 ilaalaa).



# 4. Macaafa Iyaasuu –Seensa Gara Lafichaa.

Macaafni Iyaasuu macaafa seenaati. Maccafni Iyaasuu Raajota keessaa macaafa isa jalqabaati. Ammas, Raajonni gartuuwwan lamatti addaan qoodamuu ni danda'u. Gartuun warra jalqabaa macaafota seenaa of keessatti qabatu. Gartuuwwan warri lammataa immoo macaafota hiikaa (ibsa dabalataa kennan) of keessatti qabatu. Iyaasuun kitaaba jalqabaa gartuu raajotaa warra jalqabaa keessa jirudha.

Raajota keessaa akka macaafa isa jalqabaa ta'etti, Iyaasuun macaafota Raajota jala jiran keessaa kan bakka addaa qabudha. Macaafni kun akka ce'umsa seerota (macaafota Musee) fi Raajotaatti jidduu jiruutti kan tajaajiludha. Macaafichi gaggeessitoota saba Waaqayyoo warra haaraa dubbistootatti beeksisa. Haa ta'u malee, Iyaasuun kutaa macaafa qulqulluu (Raajota) keessaa isa haaraa yoo ta'ee fi gaggeessaa saba Waaqayyoo haraa (Iyaasuu) irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'ellee.ammallee taanaan kutaa macaafa qulqulluu isa jalqabaa waliin wal-qunnamtii qaba. Haaluma Museen macaafota Musee keessatti jalqabee tureen seenaadhuma wal fakkaataa dubbata. Wanti Macaafni Iyaasuu ifa taasise yoo jiraate wantootni macaafa Musee keessatti caafaman hundumtuu ammallee taanaan saba Isiraa'el irratti kan hojjetan ta'uu isaaniiti (Yaasuu 8:32 ilaalaa).

Barreessan macaafa Iyaasuu macaaficha keessatti maqaan hin ibsamne. Macaafa sana keessaa kutaa wayii Iyaasuun barreessuu isaa wanti beekamu hin jiru. Iyaasuun mo'icha lafa sana keessatti Isiraa'elonni galmeessisan gadi fageenyaan galmeessuuf fedha yoo qabaateyyuu (Iyaasuu 18:8 ilaalaa), guutummaa macaaficha garuu inni barreessuu dhiisuu ni danda'a. Kun immoo ifadha, sababni isaas immoo macaafni Iyaasuu du'a Iyaasuu galmeessee ibseera (Iya. 24:29-31 ilaalaa). Akkaataa ittiin taateewwan macaafa Iyaasuu keessatti ta'an barreessichi galmeesse irratti hundaa'uun, kutaawwan macaafa sanaa muraasni erga taateewwan macaafa sana keessatti galmaa'an raawwatiin booda yeroo gabaabduu jidduutti barreeffaman. Akka fakkeenyaatti, barreessichi waa'ee dhagaawwan kudha lamaan Iyaasuun akka yaadannoof ta'utti dhaabee fi "hanga har'aattiyyuu achi jiru" jedhee dubbate (Iya. 4:9 ilaalaa). Akkasumas immoo barreessichi Rahaab hanga har'aattiyyuu jirti jechuun yeroo inni macaaficha baarreessetti akka jirtu dubbate (Iya. 6:25 ilaalaa). Barreessichi yeroo kamiyyuu kan jiraate ta'us, dubbistootni isaa

taateewwan sun dhugumaan ta'uu isaanii akka amanan gochuu barbaaduun isaa ifadha. Kanaafidha kan barreessichi taateewwan macaaficha keessatti galmaa'anii fi guyyaa itti macaafichi barreeffame wantoota wal qunnamsiisan baay'ee kan fayyadame (Iya. 7:26 ilaalaa). Isaan kun hundumtuu wantootni macaaficha keessatti galmaa'an qabatamaadhaan haaluma ibsamaniin kan hojjetaman ta'uu isaanii mirkaneessuuf kan gargaaranidha. Akka fakkeenyaatti, barreessichi maaliif bakkeewwan maqaa isaanii isa addatti beekamuun akka waamaman ibsa (Iya. 5:9 ilaalaa). Akkuma barreessitoota macaafa qulqulluu hundumaa barreessaan macaafa Iyaasuus Waaqayyoon kan jaalatuu fi amantiin inni Waaqayyo irraa qabus guddaa ta'uun isaa ifadha.Barreessichi akka dubbistootni isaa amanannaa isaanii Yaahiwwee irra godhatan barbaada.

Iyaasuun nama jabaa ture, haa ta'u malee macaafa Iyaasuu keessatti tasumallee "akka Musee raajii" jedhamee hin waamamne (Kes. 18:5-19 fi 34:9-12 ilaalaa). Inni raajii isa Waaqayyo kaasuudhaaf barbaadee ture miti. Dubbistootni amanamummaa Iyaasuu kan dinqisiifatan yoo ta'ellee, dubbistootni gaggeessaa adda —raajii "akka Musee" kan ta'e akka eegan taasisee darba. Kana jechuun raajiin inni dhufuuf jedhu kun kan akka Musee Waaqayyoon fuulaaf fuulatti arguu fi akka Musee milikkitaa fi dinqiiwwan baay'ee hojjetudha. Raajiin sunis Yesuusi!

Iyaasuun gargaaraa Musee ture (Iya. 1:1 ilaalaa). Inni "Museen harka isaa waan isa irra kaa'eef, hafuura ogummaatiin kan guutame" ture (Kes. 34:9 ilaalaa). Waaqayyo akka inni saba Waaqayyoo gaggeessee galaana Yordaanos ceesisuun kara lafa Waaqayyo isaan abdachiisee geessuuf Iyaasuu abboome. Moototа Isa Duraa 6:1 bu'uureffachuun, ba'uun dhaloota Kiristoos dura bara 1446 keessa raawwate. Kana jechuun mo'ichi Kana'aan bara sanaa jalqabee waggoota 40 booddee raawwate jechuudha. Kanaafuu, Mo'ichi Kana'aan Dh.K.D naannoo bara 1406 raawwate.

Iyaasuun gaggeessaa jabaa ture. Sabni Isiraa'el "guutummaa bara Iyaasuutti Gooftaaf ni hojjetan" (Iya. 24:31 ilaalaa). Karaa kanaan Iyaasuun fakkeenya Kiristoos qaba. Kiristoos akkuma Iyaasuu saba Waaqayyoo gara

bakka Waaqayyo barbaaduutti gaggeessa, akkasumas akka isaan Waaqayyoof abboomamaniif isaan gargaara. Haala Iyaasuu irraa adda ta’een garuu Yesuus kan hundumaa yeroo hojjetu mudaa tokko malee hojjeta. Iyaasuun garuu dadhabbina biraas ni qaba ture. Gaggeessummaan isaa kan yeroo gabaabaati. Duuti akka inni darbee hin hojjenne isa dhorkeera. Yesuus garuu kan du’ee ture yoo ta’ellee, deebi’ee du’aa ka’eera. Inni bara baraan waan jiraatuuf sabni Waaqayyoo gaggeessummaa isaan ala hin jiraatan. Inni kan biraan immoo Yesuus wanta Iyaasuun hojjechuu hin dandeenye wayii hojjeteera. Inni laphee saba Waaqayyoo jijjiiruudhaan akka isaan Waaqayyoof abboomaman gochuu ni danda’a (Yoh. 14:15-31 ilaalaa). Kanaafuu, Yesuus Iyaasuu ni fakkaata Iyaasuus hin fakkatu. Gaggeessummaan Iyaasuu suura xiqqoo gaggeessummaa Yesuusi.

Maccaafichi Iyaasuu yoo jedhame, hojiiwwan Iyaasuu fi gaggeessummaa isaa kan ibsuu yoo ta’ellee, garummoo xiyyeeffannoon isaa waa’ee Iyaasuu miti. Inni kan dubbatu waa’ee saba Isiraa’elii fi waa’ee lafa kakuu isaanii isa Waaqayyo Abrahaam, Yisihaaqii fi Yaa’iqoobiif kakate sana dhaaluus ni dubbata. Barreessichi waa’ee seensa sabani Isiraa’el gara lafa kakuu isaaniitti taasisanii fi mo’ichawwan fi mo’atamuuwwan isaan yeroo laficha keessa socho’anii fi hirmaatan argachaa turan of eeggannoon galmeessee kaa’eera. Jechoonni barreessichaa akka agarsiisanitti, milkaa’innii fi kufaatiin Isiraa’elotaa hundi kallattiidhaan seerota Waaqayyoof (kan macaafa Musee keessatti galmaa’an) abboomamuu fi abboomamuu diduu saba Isiraa’el waliin kan wal qabatudha. Barreessichi akka dubbistootni isaa waa’ee mo’ichaa fi mo’atamuu Isiraa’el ija seera/abboommiiwwaniin ilaalan barbaada.

Barreessaan macaafa Iyaasuu ifaaf ifatti kan inni barbaadu akka dubbistootni isaa Yaahiwween laficha saba Isiraa’eliif kennuudhaaf amanamaa ture arganidha. Barreesichi akka dubbistootni isaa Yaahiwween Kakuu isa gale irratti amanamaa ta’uu isaa argan barbaada (Akka fakkeenyaatti, Iya. 10:14 ilaalaa). Amanamummaan Yaahiwwee immoo Iyaasuu 21:43-45 irratti guduunfamee ibsameera:

> Waaqayyo akkasitti biyya isa abboota isaaniidhaaf kennuudhaaf kakateef hundumaa warra Isiraa’eliif in kenne; isaanis qabatanii isa keessa in jiraatan. Waaqayyo akkuma abboota isaaniif kakatee ture karaa hundumaa boqonnaa

isaaniif kenne; diinota isaanii hundumaa keessaa tokko illee isaan dura dhaabachuu hin dandeenye; diinota isaanii hundumaa Waaqayyo harka isaaniitti dabarsee in kenne. Wanti gaariin Waaqayyo saba Isiraa'el abdachiise hundinuu in raawwatame malee, tokko illee keessaa hin hafne.


Macaafni Iyaasuu kun Yaahiwween dirqama kakuu of irraa qabu hundumaa guutummaatti ba'achuu isaa agarsiiseera. Mo'ichi warri Isiraa'el argachaa turan hunduu Yaahiwween saba isaatiif loluu isaa kan agarsiisanidha. Haa ta'u malee, warri Isiraa'el dirqana kakuu qaban hin eegne ykn hin ba'anne. Walitti dhufeenya "gaa'ilaa" Yaahiwwee waliin qaban keessatti, Isiraa'el irra deddeebiin sagaagalummaa hafuuraa raawwataniiru. Battala itti Isiraa'el gara lafa kakuu isaaniitti galan irraa jalqabee, abboommiiwwan Waaqayyoof abboomamuu in didan. Sana bira darbeeyyuummoo, sab asana keessaa muraasni ammayyuu waaqolii ormaa waaqessu (Iya. 24:14 ilaalaa).

Boodarras raajonni iyyuu akka Isiraa'elonni battala lafa kakuu isaaniitti galan irraa jalqabee Waaqayyoof abboomamuu akka didan dubbataniiru. Akka fakkeenyaatti, Hose'aa 9:15 irratti Yaahiwween "jal'inni isaanii hundinuu Gilgalitti argame, ani achitti isaan jibbuutti nan ka'e" jedhee dubbata. Gilgal kun bakka Isiraa'elonni erga gara lafa kakuu isaaniitti achi ce'anii booddee yeroo jalqabaaf itti dhaabbatanidha (Iya. 5:8 ilaalaa). Jechi Yaahiwwee macaafa Raajicha Hose'aa keessatti ibsame kan ibsus, yeroo jalqabaaf laficha irra yeroo dhaabbatanitti illee, Isiraa'el abboomamaa hin turre.

Ta'us garuu sababii Isiraa'elonni abboomamuu guutuu ta'e keessa deddeebi'uu danda'aniif kan Isiraa'el qofa biratti hafu miti. Dhimmichi Iyaasuu biras ni qaqqaba. Akka gaggeessaa Isiraa'el tokkootti aaboo ittiin laphee ykn yaada garaa isaanii geeddaruu danda'u hin qabu ture. Yeroo hundumaas immoo ogummaa Waaqayyo biraa barbaaddachaa hin turre (Iya. 9 ilaalaa). Sabni Waaqayyoo akka abboomamuu danda'uuf gaggeessaan haaraa fi fooyya'aa ta'e ni barbaachisa jechuudha—gaggeessaa humna laphee namootaa jijjiiruu danda'u qabu. Yesuus immoo gaggeessaa sanadha.

Barreessaan ergaa gara Ibirootaa (Kakuu Haaraa keessatti) akka dubbistootni isaa

Iyaasuun sabaaf “boqonnaa” laachuu ykn kennuu hin dandeenye beekan barbaada: “Iyaasuun iddoo boqonnaa sanatti utuu isaan galcheera ta’ee, Waaqayyo ergasii waa’ee guyyaa kan biraa hin dubbatu ture. Egaa boqonnaan sanbata Waaqayyoo saba isaatiif amma iyyuu kaa’ameefii jira. Namni boqonnaa Waaqayyootti galu, Waaqayyo hojii isaa irraa akkuma boqote, innis immoo hojii isaa irraa in boqota” (Ibiroota 4:8-10). Kana jechuun, Iyaasuun bakka gaarii Waaqayyo isaaniif qopheessetti isaan fiduu yoo danda’ellee, boqonnaa isa dhumaa isa isaan barbaadan isaaniif kennuu hin dandeenye. Isiraa’elonni bakka gaarii Waaqayyo isaaniif qopheesse keessa dhugumaan “boqochuu” akka danda’aniif gaggeessaan Iyaasuurra cimaa ta’e barbaachisee ture.





# 5. Macaafa Abboota Firdii – Jireenya mootiin alaa.

Abboonni Firdii macaafa seenaati. Akkuma macaafota seenaa kanneen biro, macaafa kana keessas gosoota ogummaa barreeffamaa tokkoo olitu jira. Akkasumas immoo Abboota Firdii 5 irra walaloo dheeraa ta’etu jira. Lallabdootaafis ta’ee barsiisotaaf ogummaawwan barreeffamaa macaafa qulqulluu keessa jiran hundumaa akkamitti fayyadamuu akka qaban hubachuun barbaachisaadha.

Abboommi Firdii macaafa Raajotaa keessaa isa lammaffaa dha. Barreessaan (barreessitootni) abboota firdii maqaan hin ibsamne, haa ta’u malee barreessaan macaafa sanaa yeroowwan abboota firdii keessatti ibsamaniin asitti kan jiraate ta’uun isaa ifadha. Barreessichi nama amantiiti, kanaafis dubbistootni isaa wantootni inni barreesse sun dhugumaan raawwatanii darbuu isaanii akka beekan barbaada. Kanaafis immoo taateewwan bara isaa keessatti raawwataa jiran kanneen baroota abboota firdii keessa ta’an waliin wal qunnamsiisee gadi fageenyaa kan dubbatuuf (Abboota Firdii 1:21 ilaalaa). Kutaan muraasni macaafichaa erguma taateewwan sun raawwataniin booda yeroo gabaabduu keessatti kan caafaman yoo ta’uu danda’anillee, bifti abboota firdii kun hanga Isiraa’elonni biyya biyya galaatti fudhatamaniin boodaatti hin goolabamne ture (Abboota Firdii 18:30 ilaalaa). Macaafni kun Isiraa’elota warra bara itti biyya ormaatti galaa ta’an keessa jiraataniif, akka Isiraa’elonni jalqaba yeroo itti gara lafa kakuu isaaniitti galanii kaasanii Yaahiwweef abboomamaa hin turre beekan isaan taasisa.

Barreessichi taateewwan erga Iyaasuun du’een booddee raawwatan (Abboota Firdii 1:1 ilaalaa) fi Isiraa’el keessatti mootiin osoo hin jiraatiin dura (Abboota Firdii 17:6; 18:1; 19:1 fi 21:25 ilaalaa) raawwatan ibsa. Kana jechuun abboonni firdii taateewwan macaafa Iyaasuun booda ta’anii fi kan yeroo macaafa Saamu’el 1-2 keessatti ibsameen dura ta’an ibsa. Taateewwan macaafa Ruut keessatti ibsamanis kan raawwatan yeroodhuma macaafa Abboota Firdii keessatti ibsaman gidduuttidha. Haa ta’u malee, Abboonni Firdii fi Ruut

Kakuu moofaa keessatti kutaawwan garaagaraa keessatti barreeffaman. Abboonni Firdii Raajota keessaa macaafa isa lammaffaadha. Iyaasuutti aanee kan dhufuufii Saamu’el 1-2 fi Moototа 1-2 dursee argama. Ruut immoo kutaa macaafa qulqulluu kakuu moofaa keessaa kan macaafota bifa barreeffamaa jedhamaniif isa jalqabaati. Duraa duuba macaafotaa Macaafa qulqulluu warra Ibirootaa isa durii keessatti, Ruut macaafa Faarfannaa dursee kaa’amee ture. Adeemsi tartiiba macaafota kakuu moofaa garaagarummaa macaafota kana lamaan jidduu jiran qofaa hin turre.

Qaanaan isaaniis adda dha. Abboonni Firdii irra deddeebiin kufuu saba Waaqayyoo ibsuudhaan haala baay’ee fokkisaa ta’een xumura. Barreessichi sabni Isiraa’el mootii akka hin qabnee fi kanaafis namoonni wanta hojjechuu barbaadan hunda akka hojjetan xiyyeeffannoo itti kenneera (Abboota Firdii 17:6; 18:1; 19:1, fi 21:25 ilaalaa). Gaggeessitoota muraasaa fi haalota muraasa irraa kan hafe, namoonni macaafa Abboota Firdii keessa turan guutummaatti Waaqayyoof hin abboomamne ykn abboommiiwwan isaa duukaa hin buune. Haa ta’u malee, Ruut filannoo abboomamuu saba Waaqayyootiin taasifamee ibsuun haala baay’ee namatti toluun goolabame. Macaafichi Mootii Daawititti xiyyeeffannoo kennuun xumarame. Inni baay’ee barbaachisaadha, sababni isaas immoo Yaahiwweeen akka ijoollee isaa keessaa tokko bara baraan teessoo isaarra taa’u Daawitiin abdachiisee ture (2 Saamu’el 7:1-17 ilaalaa). Raajummaan Daawititti dubbatame kunis waa’ee Yesuus ture. Inni mootii bara baraa isa kan Waaqayyooti.

Macaafni Abboota Firdii addatti kan agarsiisu sabni Waaqayyoo kakuu isa Tulluu Siinaatti Yaahiwwee fi sab asana jidduutti galameef abboomamaa akka hin turre dha. Sabni Isiraa’el ammas ammas irra deddeebiin cubbuu fi Waaqolii tolfamoo waaqessuutti kufaa turan. Kanaafuu, abboonni firdii akka warri Isiraa’el amanamoota hin turre agarsiisa. Kun immoo kakuu cabsuu ykn diiguudha ture. Dhugumaan, boodarra macaafa Abboota Firdii keessatti (Abboota Firdii 17-21 ilaalaa), cubbuun Isiraa’elotaa yeroo ibsamu itti yaadameetuma akka inni dubbistoota waa’ee cubbuu Soodomii fi Gomoraa yaadataniif ture. Dubbistootni yeroo waa’ee cubbuu saba Waaqayyoo kana dubbisanitti waa’ee cubbuu Sodomii fi Gomoraa akka yaadantu barbaadama. Isiraa’elota bara Abboota Firdii jechuun kan akka mandaroota lamaan sababii cubbuu isaaniin balleeffamaniiti (Uma. 18: 22- 19:29 ilaalaa)!

Haa ta'u malee, macaafni Abboota Firdii amanamummaa dhabuu saba sanaa irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'ellee, akkasumas immoo gaarummaa, araara qabeessummaa fi amanamummaa Yahiwwee irrattis immoo ni xiyyeeffata. Inni itti fufinsaan saba isaa dhaga'uufi diinota isaanii jalaa isaan baasuuf yeroon kan argamudha.

Sabni Waaqayyoo sababii Waaqayyo gaggeessitoota isaaniif kenneef baroota abboota firdii keessatti ibsame kana keessa birmaduu ba'aniiru. Gaggeessitootni kunis immoo macaafa abboota firdii keessatti "Abboota Firdii" jedhamuun waamamu. Jechi abboota firdii jedhu kun yeroo baay'ee abbaa murtii/firdii seera mana murtiif taa'an waliin kan wal qabatu ta'us, wanti abboonni firdiin kun hojjetan garuu isa miti. Abboonni firdii ga'een isaanii inni jalqabaa gaggeessitoota cimoo Waaqayyo akka isaan saba Isiraa'el garbummaa diinotaa jalaa baasanii fi saba sana gaggeessaniif kaasedha. Waaqayyo sab asana kan birmaduu baasu hanga abbaan firdii sun lubbuun jirutti ture. Haa ta'u malee, erga abbaan firdii sun du'ee booddee, sabni sun saffisaan yeroo hamminaa yeroo dhuunfatamuu fi irra deebiin diinotaan injifatamu argina (Abboota Firdii 2:16-19 ilaalaa). Kun immoo adeemsi cubbuu, badisaa fi birmaduu ba'uu deddeebi'ee akka jalqabuu fi raawwatu taasisa. Sabni gargaarsaaf gara Waaqayyootti iyyata, inni immoo abbaa firdii isaaniif kaasa, abbaan firdii sun immoo sab asana baraara/oolcha. Duuti abbaa firdii immoo saba Isiraa'eliif qormaata isa cimaa ture, sababni isaas immoo duuti akka abboonni firdii sun Isiraa'eliin yeroo dheeraaf hin oolchine daangaa itti ta'eera. Waaqayyo otoo gaggeessaa tasuma hin duune isaaniif dibee, kun saba Waaqayyoof gargaarsa guddaa ta'uu akka danda'u beekamaadha! Garuummoo, sababii cubbuu irraa kan ka'e namni hundumtuu ni du'a. Kanaafuu, kan saba Waaqayyoo birmaduu baasu yeroo hundumaa yeroo gabaabduuf kan jiraatu ture. Macaafni kun dheebuu gaggeessaa du'uu hin dandeenyee namoota keessatti uuma. Gaggeessaan sunis dhufeera. Maqaan isaas Yesuus dha! Innis saba Waaqayyoo birmaduu baasuuf yeroo hundumaa in jiraata (Ibiroota 7:25 ilaalaa)!

Dhugaan gaggeessitoota saba Waaqayyoo irratti baay'ee xiyyeeffachuu macaafichaa duuba jiru, saba Waaqayyoo nama isaan gaggeessu wayii akka barbaadan agarsiisa. Sabni Waaqayyoo gaggeessaa Waaqayyoon sodaatu hin qaban yoo ta'e, abboomamuu malee waan jiraataniif diinotaan akka salphaatti injifatamu. Ta'us garuu macaafni kun sabni Waaqayyoo gaggeessaa Waaqayyoon sodaatu bira darbuun mootii akka barbaadan agarsiisa. Macaafni

Abboota Firdii saba Waaqayyoo keessatti dheebuu mootii Waaqayyoon sodaatu qabaachuu akka uumuu kan kaayyeeffatedha. Barreessaan macaafa Abboota Firdiis mootii Waaqayyoon sodaatu akka barbaadu ifadha. Mootii Waaqayyoon sodaatu qofaatu saba Waaqayyoo diina isaanii jalaa baraaruu danda'a. Mootii Waaqayyoon sodaatu qofaatu akka sabni Waaqayyoo abboomamu gochuu danda'a. Kanaan booda garuu sabni Waaqayyoo mootiin akkasii kun akka isaaniif dhufu hin eeggatan. Yesuus dhufeera! Inni diinota saba Waaqayyoo mo'eera, sabni Waaqayyoos immoo abboomamuu keessa akka deddeebi'u taasiseera. Bara kana keessa Mootii bakka Waaqayyoo bu'e qabna, namni mootii kana duukaa bu'e hundinuu immoo wanta ija isaa duratti gaarii ta'e ni hojjeta!

Macaafni Abboota Firdii dubbistoota macaafa Saamu'eel 1-2 tiif qopheessa (macaafonni kun jalqaba irratti afaan Ibiruutiin qindaa'an ture). Dubbistootni macaafa Abboota Firdii yeroo xumuran yaada mootii barbaaduunidha. Saamu'eel inni duraa immoo dhufaatii mootii sanaa ibsa.


ISRAEL

# 6. Macaafa Saamu'el– Saamu'el, Saa'ol, fi Daawit.

Macaafni Saamu'el macaafa seenaa ti. Akkuma macaafota seenaa baay'ee, macaafa kana keessas gosoota ogummaawwan barreeffamaa tokkoo olitu jira. Akkasumas immoo Saamu'el isa duraa 2: 1-10, Saamu'el isa lammaffaa 1:19-27 fi 22:1-23:7 irra walaloowwan dhedheerootu jiru. Walaloowwan kunniin immoo addumaan inni jalqabaa fi dhuma macaafa Saamu'el barbaachisoodha. Yeroo baay'ee walaloon waa'ee kiristoosiin ibsuu dabalatee yaada ijoo dubbisa sanaa irratti xiyyeeffata. Kun immoo walaloowwan jalqabaa fi dhuma macaafa Saamu'el jiran keessattis dhugaa ta'ee mul'ateera. Gosoota ogummaa barreeffamaa macaafa qulqulluu keessa jiranii lallabdootaafis ta'ee barsiisotaaf baay'ee murteessaadha.

Saamu'el inni duraa fi inni lammaffaa 1-2 jalqaba afaan Ibiruutiin macaafa tokko ture. Kanaafuu, 1-2 Saamu'el akka macaafa tokkootti—macaafa Saamu'el tti ibsamuu ni danda'a. Saamu'el Raajota keessaa macaafa isa sadaffaadha. Gartuuwwan macaafota Raajotaa keessaa gartuu jalqaa keessatti argama. Dabalataan, Raajota keessa Raajota keessa gosoota macaafotaa bakka lamatti qoodamantu jiru: Macaafota seenaa fi macaafota ibsa dabalataa. Saamu'el immoo macaafa seenaati. Barreessaan Saamu'el maqaan hin ibsamne.

Saamu'eel bara itti abboonni firdii Isiraa'el gaggeessuu xumuranii fi bara itti mootonni Isiraa'eliin gaggeessuu eegalan irratti ibsa kenna.

Macaafichi waa'ee dhalachuu Saamu'eel ibsuudhaan jalqaba (1 Sam. 1). Saamu'eel abboota firdii Isiraa'el gaggeessan keessaa isa xumuraati. Akkasumas immoo raajiis ture. Akka nama Waaqayyoof afaan ta'ee dubbatuutti, Saamu'eel nama mootota Isiraa'eel jalqabaa lamaan dibee kaasedha. Saa'ol akka mootii Isiraa'el ta'uuf isiraa'el irratti dibee kaase (1 Sam. 8-10 ilaalaa), akkasumas Daawit akka Isiraa'el irratti mo'uuf dibee kaase (1Sam 16:1-13 ilaalaa).

Saamu'eel isa duraa 2:1-10 irra walaloo baay'ee murteessaa ta'e tokkotu jira. Walalichis kadhannaa Haannaa—haadha Saamu'eeli. Sababni walaloon kun baay'ee murteessaa ta'eef immoo Waaqayyo karaa "isa dibamee" Waaqayyo saba isaa bilisa baasuu ykn furuu dubbata.

Jechi Ingiliffaa “isa dibame” jechuun hiikame afaan warra Ibiruutiin “Masii” fi afaan Girikiin immoo “Kiristoos” jedhama. Haannaan waa’ee Kiristoos isa dhufuuf jedhuu raajii dubbachaa jirti. Inni isa saba Waaqayyoo furudha ykn birmaduu baasudha. Maariyaam erga hafuura qulqulluun ulfooftee booda echoonni jajannaa isheen dubbatte kan Haannaan 1Sam. 2:1-10 keessatti dubbatte waliin hariiroo qaba (Luq. 1:46-55 ilaalaa). Kun immoo inni Haannaan 1 Sam. 2 irratti dubbatte waa’ee Yesuus ta’uu isaa nutti agarsiisa.

Walaloo Haannaan booda, waa’ee wantoota hamaa lafa aarsaa irratti ta’anii boqonnaawwan ibsan baay’eetu jiru. Isaan booddee macaafichi yeroo itti sanduuqni kakuu biyya ormaatti fudhatame ni ibsa (1 Sam. 5-6). Kun immoo namoonni yeroo sanatti Isiraa’el keessa jiraatan akka waan Waaqayyo waa’ee saba isaa irraanfateetti itti mul’achuu ni danda’a. Saamu’eel sab asana gaggeessaa kan jiru yoo ta’ellee, sabni sun garuu mootii barbaadan. Kun immoo Saamu’eeliin kan mufachiise ture. Sabni sun mootii kan barbaadan caalaatti Waaqayyoof amanamoo ta’anii jiraachuu waan fedhaniif miti, garuu sababii akka saba warra kaanii ta’uu barbaadaniif ture (1 Sam. 8:5 ilaalaa). Kun immoo Waaqayyoon mootii nuuf hin taatu akka jechuu ture (1 Sam. 8:7).

Mootiin saba Waaqayyoo gaggeessuun isaa dogoggora akka hin taane beekuun barbaachisaadha. Museen akka mootiin saba Waaqayyoo gaggeessuu danda’u labsee ture (Keessa Deebii 17:14-20 ilaalaa). Akka jechi Musee Keessa Deebii keessatti ibsetti, mootiin kun garuu duukaa buutuu Yaahiwwee ta’uu qaba ture. Innis abboommiiwwan Yaahiwwee jaalachuu kan qabuu fi sabas abboomamuu keessatti kan gaggeessu ta’uu qaba ture. Namoonni bara Saamu’el keessa turan mootii akkasii kana hin turre kan gaafachaa turan. Isaan mootii bifa Waaqayyoo calaqqisiisu hin barbaanne (Uma. 1:26-28 ilaalaa). Qooda kanaa garuu, mootii bifa mootota saba warra kaanii calaqqisiisan barbaadan! Kun immoo gosuma mootii inni isaaniif kenneeti. Mootiin Saa’ol akkuma mootota saba warra kaaniiti. Inni baay’ee dheeraa waan tureef, mootiis ni fakkaata ture. Garuummoo Yahiwwee hin jaalatu ykn dubbii isaattis gatii hin kennu ture. 1Sam. 8-31 mo’uu mootii Saa’ol ibsa. Innis saba asana gara abboomamuutti hin geessine.

Saa’ol Yaahiwweedhaaf kan hin amanamne yoo ta’ellee, Yaahiwween garuu ammayyuu saba Isiraa’el furaa jira. Kun immoo araara qabaachuu fi amanamummaa isaa kan

agarsiisudha. Kakuu isaa isa tulluu Siinaa irratti saba Isiraa'el waliin dhaabbate eegaa jiraachuu isaa kan agarsiise ture.

Samu'eel Isa Duraa 15 keessatti, Yaahiwween Saa'ol akka Isiraa'el irratti hin mooneef in tuffate. Samu'eel Isa Duraa 16 keessatti, namni haaraan Isiraa'el irratti mootii ta'ee dibame. Maqaan nama kanaas Daawit dha. Daawit kun seenaa macaafa qulqulluu keessatti nama baay'ee murteessaa ta'edha. Inni Saba Isiraa'el irratti Samu'eel isa Duraa 16 keessatti mootii ta'ee kan dibame yoo ta'ellee, hanga yeroon Samu'eel Isa Lammaffaa keessatti ibsame ga'utti Isiraa'el irratti mo'ee gaggeessuu hin jalqabne ture. Baroota 1 Samu'eel 16 hanga 2 Samu'eel jidduu jiran keessatti, Daawit Yaahiwwee fi namoota Isiraa'el keessa jiraatan muraasa biratti akka mootiitti beekkamtii argateera, garuu namoonni baay'een immoo Saa'oliin akka mootiitti beeku.Kun seenaa gooftaa Yesuus waliin wal fakkaata. Yeroo inni biyya lafaarra deddeebi'aa turetti, inni raajiidhaan kan dibame ture. Dibanni kun immoo yeroo Yesuus cuuphametti kan raawwatame ture. Yeroo Yesuus cuuphametti, Waaqayyo bantii Waaqaarraa dubbatee, Yesuus "ilma kooti" jedhee labse/beeksise. Yeroo sanatti Waaqayyo akka Yesuus mootii dibame ta'e beeksisaa/labsaa ture. Garuummoo namoonni Yesuusiin akka mootiitti hin fudhanne. Akkuma Daawit, Yesuus ni arii'atame, namoonni baay'eenis nama biraaf (Qeesaar) akka mootiitti beekkamtii kennan. Guyyaa itti namni hundinuu Yesuus mootii ta'uusaaf beekkamtii kennan garuu ni dhufa.   Haala kanaan, akkaataan Daawit ittiin mo'e akkaataa Kiristoos ittiin mo'e waliin wal fakkaata. Daawit fakkeenya Kiristoos qaba. Kana jechuun wantoota baay'eetiin Yesuusiin ni fakkaata jechuudha.

Mo'ichi Daawit loltuu Gooliyaad jedhamu irratti argate karaa ittiin Daawit Yesuusiin fakkaatu keessaa isa biraadha (1 Sam. 17 ilaalaa). Gooliyaad kun diina sabni Waaqayyoo mo'achuu dadhabanii waliin rakkachaa turanidha. Daawit bakka isaanii bu'ee gara lolaa dhaqee diina isaanii kana mo'e. Erga Daawit Gooliyaadiin mo'atee booddee namoonni Daawit duukaa bu'uun lolichatti makaman. Haaluma wal fakkaatuun, Yesuus diina isa sabni Waaqayyoo mo'achuu dadhaban mo'e. Du'a fannoo irratti du'een Seexana, du'aa fi cubbuu injifate. Haaluma erga Daawit Gooliyaadiin injifateen booda lolli ittii fufee tureen, har'allee lolli akkuma itti fufetti jira. Sabni Waaqayyoos Yesuus duukaa bu'uun lolichatti makamaniiru. Wantootni mo'uu Daawit waliin wal qabatan kan biroonis calaqqee mo'icha Kiristoosidha. Akka fakkeenyaatti, Daawit irra caalaa faarfannaawwanii barreesseera. Isiraa'eliin gara Waaqeffannaa keessatti gaggeesseera.


Lallabaan ykn barsiisaan ogeessi boqonnaawwan kana keessatti Daawitiin akka goota ol aanaatti irratti hin xiyyeeffatu. Garuu, Daawititti fayyadamuudhaan Kiristoos waliin wal bira qabee ergaa dabarsa.


Barreessaan Saamu'eel akka dubbistootni Daawitiin mootii mudaa hin qabne taasisanii ilaalan gochuu hin barbaanne ifaadha. Barreessichi adda baasee waa'ee cubbuu Daawit dubbateera (2 Sam. 11 fi 24 ilaalaa). Karaa kanaan Daawit Kiristoosiin hin fakkaatu.

2 Sam. 7:1-17 baay'ee baay'ee murteessaadha. Kutaan kun kutaawwan Macaafa Qulqulluu hafan keessatti caqafameera. Saamu'el Isa lammaaffaa 7 irratti Kakuun Waaqayyo Daawit waliin qabu ibsameera. Kun yeroo baay'ee Kakuu Daawit jedhamee caqafama. Luqqisiiwwan kana keessatti, Yaahiwweetu Daawititti dubbata. Haa ta'u malee, dubbiin isaa nama hundumaaf kan ta'udha. Yaahiwween Daawitiin, "Sanyii kee keessaa tokko iddoo kee mootii nan godha; innis warra ati dhalchite keessaa tokko in ta'a; mootummaa isaas nan jabeessa. Inni ulfina maqaa kootiif mana qulqullummaa anaaf in ijaara, ani immoo teessoon mootummaa isaa bara baraan jabaatee akka dhaabatu nan godha. Ani abbaa isaaf nan ta'a, inni ilma koo in ta'a" jedhe. Kunis Yesuus Mootii bara baraa Waaqayyo karoorse sana agarsiisa! Yesuus sanyii Daawiti. Kanaafidha kan namoonni Kakkuu Haaraa yeroo baay'ee Yesuusiin "Ilma Daawit" jedhanii ibsaniif (Fakkeenyaaf, Mat. 9:27, 12:23, 15:22, 20:30-31, 21:9, 21:15 fi 22:42 ilaalaa). Abdii kana jechuun ilmi Daawit kun mootummaan isaa kan bara baraati, inni mana qulqullummaa bakka itti Waawayyo waaqeffamu ni ijaara, akka ilmaatti immoo Waaqayyo waliin hariiroo addaa ni qaba jechuudha. Kan abdii kana hundumaa fiixaan baase immoo Yesuus qofaadha! Kanas bakka baay'eetti arguu ni dandeenya. Akka fakkeenyaatti, yeroo Yesuus cuuphamettii fi yeroo Yesuus gaararra bakka itti bifa ulfina isaatiin mul'ate turetti, sagaleen bantii waaqaa keessaa dhufee "kun ilma kooti!" jedhe. Waaqayyo akka Yesuus isa Saamu'eel Isa Lammaffaa 7 irratti barreeffame fiixaan baasu ta'e namootatti himaa jira. Inni ilma Waaqayyooti! Luqqisiin Saam'eel keessaa ba'e kun kakuu haaraa keessatti bakkoota baay'eetti caqafameera. Akkasumas immoo macaafota

biro raajota keeessa jiran keessattis ta'ee caffata kan biroo keessattis caqafameera. Kanaafuu, lallaabaa ykn barsiisaadhaaf luqqisiin kun waa'ee Yesuus dubbachaa jiraachuu isaa hubachuun baay'ee murteessaadha. Ilmi Waaqayyoo in dhufa. Inni mana qulqullummaa (Waldaa!) isaa in ijaara. Inni bara baraan teessoo isaa irra in taa'a!

Saamu'eel inni lammaffaan waa'ee mootummaa Daawit ibsuudhaan xumurame. Mootummaa Daawit keessa rakkoolee baay'eetu ture. Isaan keessaa muraasni sababii cubbuu Daawitiin kan uumamanidha. Kanaaf dubbistootni Daawitiin akka nama cubbamaa tokkootti ilaaluun barbaachisaadha, kunis immoo akka dubbistootni sun xiyyeeffannoo isaanii Kiristoos Yesuus irra godhanii fi inni Daawit caalaa goota ta'uu isaa irraatti xiyyeeffatan gargaara. Daawitis akkuma dhala namaa warra kaanii fayisaa ni barbaada. Inni akkuma qulqulluuta bara kakuu moofaa hundumaa, dhufaatii Kiristoos abdiin eeggachaa ture.




ISRAEL
JUDAH

# 7. Macaafa Moototaa – Seenaa moototа biyya ormaatti galaa ta’uusaaniin dura saba Waaqayyoo gaggeessanii.

.

Macaafni Moototaa inni duraa fi inni lammataa macaafa seenaati. Macaafa Saamu’eel keessatti walaloon bakka guddaa kan qabuu fi sababii itti kaayyeffatamee jalqabaa fi xumura irra kaa’ameefis, itti xiyyeeffatanii ilaaluu barbaada, garuu macaafa Moototaa keessatti barbaachisummaan isaa hagas miti. 2 Mototа 19:20-28 keessa walaloo tokkotu jira. Ammas, gosoota ogummaa barreeffamma macaafa qulqulluu keessa jiran hundumaa adda baasanii beekuu fi hubachuun lallabdootaa fi barsiisotaaf barbaachisaa dha

Barreessaan ykn barreessitootni Moototа 1-2 barreessan hin eeramne/ibsamne. Moototni 1-2 jalqabarratti afaan Ibiruutiin macaafa tokko turani. Kanaafuu, Macaafni Mototaa 1-2 akka macaafa tokkootti —Macaafa Moototaa jedhamanii ibsamuu ni danda’u. Moototni macaafa raajotaa keessaa isa arfaffaadha. Gartuuwwan macaafa raajotaa keessaa gartuu macaafotaa warra jalqabaa keessatti argama. Ammas, Raajotaa keessa gartuuwwan macaafotaa lamatu jiru: Macaafota Seenaa (Iyaasuu, Abboota Firdii, Saamu’eel, fi Moototа) fi Macaafota ibsa dabalataa/commentary (Ermiyaas, Hisqi’eel, Isaayaas fi Warra kudha lamaan).

Garuummoo macaafni Moototaa macaafa seenaa waan ta’eef, macaafota gartuu raajotaa ta’anii kan macaafota ibsa dabalataa jalatti ramadaman waliin hariiroo kallattii qaba. Isaayaas, Ermiyaas, Hoose’aa, Amos, Yoonaas, Miikiyaas, Naahom, Anbaaqoom, fi Sefaaniyaa hundi isaanii baroota macaaf Moototaa keessatti ibsaman keessa caafaman. Sababii kanaaf, macaafni Moototа haala adda ta’een macaafota ibsa dabalataa kana waliin hariiroo qaba. Macaafni Moototaa dubbistoota macaafota raajotaatiif odeeffannoo barbaachisoo seensaaf ta’an kenna. Yo’el tarii bara Moototа keessatti ibsaman keessa caafame ta’uu danda’a. Hisqi’el, Obaadiyaa, Haagee, Zakaariyaas, fi Miilkiyaas   baroota macaafa moototaa keessatti ibsamaniin booda kan caafamanidha.

Macaafni Moototaa bakka Saamu'el itti xumurame irraa jalqabe. Xumura bara mootummaa Daawit fi jalqaba bara mootummaa Salamoon ibsuun jalqaba. Ka'umsa irratti, Salamoon mootii "bara baraa" isa Saamu'eel isa lammaffaa 7:1-17 keessatti abdachiifameetti yeroo mul'atu argitu. Inni Waaqayyo biraa Ogummaa gurguddaan guutame, Waaqayyoonis ni jaalata, akkasumas immoo mana qulqullummaa ni ijaare. Saba Isiraa'eliin bara Warqee jedhamu keessa gaggeesse (1 Mot. 1-10 ilaalaa). Bara tajaajila isaa gara jalqabaarra, Salamoon bifa Kiristoos qaba ture. Kana jechuun mootummaan isaa fakkii mootummaa Yesuus Kiristoos ture. Lallabaa ykn barsiisaan ogeessi waa'ee mootummaa bara baraa isa kan kiristoos dubbachuudhaaf baroota baroota Salamoon warra gara jalqabaatti ni fayyadama.


Haa ta'u malee, baroonni Salamoon gara booddeerra jiran akka mootummaa Kiristoos miti. Inni waaqolii warra ormaa waaqessuu jalqabe. Seerota dhimma moototaa irratti karaa Musee Seera keessa Deebii 17:14-20 irratti kennaman hunda ni cabse. Akka fakkeenyaatti, fardeen baay'ee walitti qabate, dubartoota baay'ee fuudhe, akkasumas immoo ofii isaatiif meetii fi warqee baay'ee walitti qabate.

Sababii abboomamuu diduu Salamooniin, mootummaa Isiraa'elotaa inni tokko ture mootummoota lamatti gargar cabe —Yihuudaan gara kibbaattii fi Isiraa'el gara kaabaatti (1Mootota 12:16-24 ilaalaa). Mootonni Daawit waliin hariiroo qaban Yihuudaa irratti mo'an. Mootonni warri mootii Daawit waliin hariiroo hin qabne immoo Isiraa'el irratti mo'an. Jalqa irraa kaasee mootummaan gara kaabaa kan Isiraa'el Waaqolii tolfamoo waaqessuun badii hojjetaa turan. Mootiin jalqabaa warra Isiraa'el bifa jibootaa lama warqee irraa hojjetee Isiraa'el keessa in dhaabe (1 Mootota 12:25-33 ilaalaa).Mootota Isiraa'el (kan warra kaabaa) keessaa kan laphee isaa guutuudhaan Waaqayyoof hojjete hin turre.Hundi isaaniiyyuu, karaa tokkoonis ta'e karaa biraan, Waaqeffamuu waaqayyoolii tolfamoo danda'anii bira darbaniiru. Mootota Yihuudaa keessaa muraasni isaaniis Waaqolii ormaa waaqessuu kana danda'anii darbaniiru.Muraasni isaanii immoo Yaahiwweef abboomamuu

keessa deddeebi’aniiru. Garuu moototа abboomaman keessaa keessaa baay’een isaanii walakkaa qofaan kan abboomaman turan. Warri Yihuudaa akka warra Isiraa’el guutummaan guutuutti waaqolii warra ormaa waaqessuu kan ofitti hin fudhanne yoo ta’ellee, isaanis sababii Yaahiwweef abboomamuu diduu keessa deddeebi’aa turaniif warra balleessaa qaban turan.

Macaafni Moototaa ibsa taateewwan Isiraa’el keessatti ta’anii fi kan Yihuudaa keessatti ta’anii dabaree dabaareedhaan kaa’a. Xiyyeeffannoon guddaan moototа Isiraa’elii fi Yihuudaa irratti mo’an irra kan jiru yoo ta’ellee, dabalataan macaafni Moototaa xiyyeeffannoo isaa raajota dinqiiwwan gurguddaa bar asana keessa Isiraa’el keessatti hojjetan irrattis taasiseera. Addumatti immoo raajota lama irratti xiyyeeffannoo godheera—Eliyaasii fi Elsaay. Akkuma mootonni calaqqee Kiristoos ta’an, raajonnis immoo calaqqee Kiristoosidha. Dinqiiwwan isaan hojjetan fakkeenya xiqqoo hojiiwwan Yesuus saba isaa gidduutti hojjeteeti. Yesuus Mootii isa hundumaa gararraa/isa dhumaa fi Raajii isa hundumaa gararraa/isa dhumaati. (Akkasumas immoo inni luba isa hundumaa gararraa ti, ta’us garuu luboonni xiyyeeffannoo macaafa Moototaa hin turre.)

Macaafni moototaa, sabni Waaqayyoo Yaahiwwee duukaa bu’uudhaaf mootiin Waaqayyoon sodaatu akka isaan barbaachisu agarsiise. Macaafichi moototа Isiraa’el ykn moototа Yihuudaa keessaa tokkollee (warrumti soda Waaqayyoo qabu jedhamanillee) laphee namootaa jijjiiruu hin dandeenye ture. Kanaafuu, macaafichi beela mootii caalu barbaaduu uume. Macaafa moototaa keessa mootonni Waaqayyoon sodaatan jiraatan, mootonni sun hundinuu rakkina wal fakkaataa tokko qabu: du’a. Macaafni moototaa mootii isa bara baraan mo’u dheebochuun akka jiraatu godhe!



# 8. Dubbiiwwanii fi hojiiwwan Raajotaa barbaachisoo ta'an.

Barreessaan macaafa Moototaa hojiiwwaanii fi abboomamuu ykn abboomamuu diduu mootota Yihuudaa fi Isiraa'el, akkasumas, hojiiwwanii fi abboomamuu ykn abboomamuu diduu saba Yihuudaa fi Isiraa'el irratti xiyyeeffate. Garuummoo gartuu namoota biroo macaafa moototaa keessatti xiyyeeffannoo argataniis ni jiru. Barreessichi xiyyeeffannoo isaa dubbiiwwanii fi hojiiwwan raajonni bar asana keessa turan taasisan irratti cimseera. Raajonni macaafa moototaa keessa jiran muraasni maqaan isaanii hin dubbatamne. Muraasni isaanii immoo maqaan ibsamaniiru. Barreessaan Moototaa kun addatti raajota lamaaf xiyyeeffannoo kenneera: Eliyaasii fi Elsaay.

Yaadadhaa, Raajota keessa gartuu macaafotaa lamatu jiru jenneerra. Iyaasuu, Abboota Firdii, Saamu'el fi Moototа kan jedhaman macaafota seenaati. Macaafonni kunniin seenaa saba Isiraa'el bara itti Iyaasuun isaan gaggeessu irraa jalqabee hanga itti isaan saba lamatti (Isiraa'el fi Yihuudaa) addaan cabaniitti achiis hanga yeroo Yihuudaan warra Baabilooniin rukutamtee garbummaan fudhatamaniitti jiru kan galmeessanidha. Ermiyaas, Hisqi'el, Isaayaas fi warroonni kudha lamaan immoo macaafota ibsa dabalataati. Macaafonni kunniin immoo yaada raajonni barootuma sana keessa kennan kan galmeessanii kaa'anidha.


Akkuma macaafonni raajota keessa jiran bakka lamatti qoodaman, raajonni gartuuwwan macaafota raajotaa keessa jiranis bakka lamatti qoodamu. Gartuun raajotaa macaafota gartuu warra jalqabaa keessa jiran (Iyaasuu, Abboota Firdii, Saamu'el, Moototа) caalaatti hojii isaaniitiin beekamu. Kunis immoo walitti gala, sababni isaas gartuun macaafota raajotaa warri jalqabaa waa'ee seenaa (hojiiwwan) Isiraa'elotaan hojjetamanii ti. Raajonni gartuu macaafotaa isa lammaffaa keessa jiran immoo caalaatti dubbii ykn jechoota isaaniin beekamu. Kunis walitti ni gala, sababni isaas immoo gartuun macaafota raajotaa inni lammaffaan waa'ee dubbiiwwan raajotaa bara sana keessa gara Isiraa'elotaatti dubbatamee dubbatu.


Macaafa raajotaa keessatti barreessitootni gartuu macaafota warra jalqabaa kana barreessan hojiiwwan raajotaa irratti xiyyeeffataniiru; sababni isaas hojiiwwan raajonni

baroota sana keessa hojjetan kan humna Waaqayyoo qabatamaan yaadachiisani dha. Isaan Waaqayyo dhugaa ta'uu fi namoonni immoo yaada garaa isaanii geeddaratanii Waaqolii warra ormaa waaqessuu irraa akka deebi'an isaanitti agarsiisuuf ture.

Kana bira kan darbe, hojiiwwan raajotaa akka Ba'aal soba akka ture agarsiisuu kan kaayyeffate ture. Hojiiwwan raajotaa eenyummaa fi humna Ba'aalitti qoosuu irratti kan xiyyeeffate ture. Qoosaan itti yaadamee karaa raajotaa waaqolii warra kaan irratti taasifamu yeroo tokko tokko ti'ooloojii falmii qindaa'aa (polemical theology) jedhama. Akka fakkeenyaatti, beelli bara sadii fi walakkaa (3 ½) bara raajii Eliyaas ture Ba'aalitti qoosuu kan kaayyeffate ture; sababni isaas warri Isiraa'eliif Ba'aaliin waaqessuun lafti keenya akka eebbifamu gochuu danda'innaa jedhanii akka hin yaanne dha. Yeroo baay'ee siidaawwan Ba'aal yeroo dhaabbatan waan akka ulee bakakkaa harkatti qabachiisu. Kun immoo akka waan inni waaqa rooba roobsu ta'eetti akka ilaalamu agarsiisuuf gargaara. Dhugaan jiru garuu roobni dubbii Eliyaasiin dhaabbate (1 Mot. 17:1 ilaalaa) akkasumas hanga Eliyaas kadhatutti deebi'ee hin roobne (1 Mot. 18:41-46 ilaalaa); kunis Ba'aal irratti qoosuu kan kaayyeeffatedha. Ba'aal, waaqni haala qilleensaa, akka roobni roobu gochuu hin dandeenye! Seenaawwan bara durii Ba'aal ilaalchisee jiran keessatti, Ba'aal akka waan bantiiwwaan waaqaa keessa konkolaataa fardeeniitiin gulufuutti sammuu namaa keessatti akka suuraatti kaafamee jira. Kanaafuu, Eliyaas konkolaataa fardeenii Ahaab dura fiiguun isaa akka raajonni Yaahiwwee miila isaaniin fiiganiiyyuu konkolaattota fardeenii warra Ba'aal caalan kan agarsiisudha. Kunis qoosaa Ba'aal irratti qoosame isa kan biraadha. Falmiin qindaa'aan kun ergaa cimaa tokko saba Waaqayyoof erguuf jecha yaadamee kan godhamedha. Yaada garaa isaanii geeddaratanii cubbuu isaanii irraa deebi'uun gara Waaqayyo isa jiraataatti akka garagalaniif waamichi isaaniif godhame.

Isiraa'elonni akkaataa ittiin raajota sobduu fi dhugaa adda baafatan akka beekaniif qajeelfamoonni barbaachisoo ta'an Seera Keessa Deebii 18:20-22 irratti kennameefiira. Raajota sobduu kan ofitti fudhatan yoo ta'e, dubbii waaqayyo waa'ee raajotaa isaanitti dubbatetti akka hin amanne ifatti beekama jechuudha.







# 9. Dinqiiwwan Raajotaan hojjetaman— dubbistoota dinqiiwwan Kiristoosiif qopheessu

Macaafota Kakuu Moofaa baay'ee keessatti, dinqiiwwan baay'ee raajota Waaqayyootiin hojjetamaniiru. Addatti immoo duubistootni macaafa Moototaas waa'ee dinqiiwwan karaa rajotaa Isiraa'el fi Yihuudaa keessatti ta'an baay'ee dubbisuu ni danda'u. Dinqiiwwan raajotaa kunis of eeggannoodhaan xiinxalamuu qabu. Isaan agarsiiftuu humna Waaqayyoo fi inni waan hunduma (moototaa jallootas dabalatee uumama) irratti aaboo qabaachuu isaaf ragaadha, wanta hojjechuu barbaade hunda hojjechuu ni danda'a. Yeroo jallinni gurguddaan jirutti illee Waaqayyo bantii waaqaa irratti gooftummaa akka qabu ni mirkaneessu. Inni ammayyuu cubbuutti firdii in kenna. Akka inni saba isaatiif oo'us ragaa ni dhiyeessu. Garuu dinqiiwwan seenaa Kakuu Moofaa bira darbee ergaa biraas qabu. Dinqiiwwan kakuu haaraa keessatti raawwataman waliin wal qabsiifamanii ilaalamuu qabu. Addumatti immoo lallabdoonnii fi barsiisonni ogeessa ta'an dinqiiwwan kakuu moofaa keessatti karaa raajotaa raawwataman dinqiiwwan Yesuusiin raawwataman waliin wal qunnamsiisu. Sababii raajonni kakuu moofaa fakkeenya Kiristoos qabaniif kana gochuun barbaachisaadha. Kana jechuun dinqiiwwan isaanii karaa ta'een dinqiiwwanii fi tajaajila Kiristoos kan calaqqisiisan turan. Akka fakkeenyyaatti, dhugaan Eliyaas mucaa du'e kaase jedhu (1 Mot. 17:17-24 ilaalaa) Kiristoosis du'aa akka kaasu dubbistoota yaadachiisuuf kan akeekedha. Dhuma irrattis, Kiristoos nama tokko qofa du'aa hin kaasne. Warra isatti amanan hundumaa kaasa! Eliyaas dubartii abbaa manaa hin qabne kan mandara Saraaphtaa keessa jiraattuf nyaata yeroo baay'isu (HoE, 17:8-16 ilaalaa), kun calaqqee Yesuus fedhii saba Waaqayyoo hundumaa yeroo hundumaa ni guuta jedhu agarsiisu ture! Inni bidden jireenyaati ( Yoh. 6:22-59 ilaalaa).

Yesuus raajii akka ture dubbateera (Mat. 13:57 ilaalaa). Kana bira darbees, dinqiiwwan Kiristoos akka inni raajii ta'e mirkaneessaniiru. Akkuma raajota kakuu moofaa innis dinqiiwwan hojjeteera. Namoonni bara Yesuus keessa turan akka inni raajii ta'etti beekkamtii kennaniifii ture. Kanaafidha kan isaa "inni raajiidha" jedhaniif (Mat. 16:14, 21:11, Mar. 6:15, fi 8:28 ilaalaa). Garuu Yessus "raajiidhaan" olidha. Tajaajilli isaas akka inni "raajicha" ta'e agarsiisaniiru. Inni raajicha isa Museen waa'ee isaa macaafa Keessa Deebii 18:15-19 keessatti barreessee turedha (akkasumas HoE. 3:17-26 ilaalaa).

Sababii inni Waaqayyoon akka “raajichaatti” kaafameef, namoonni hundinuu akka isa dhaggeeffataniifi dubbii isaaf abboomamaniif ajajamaniiru. Battala inni bifa ulfinaatti jijjiirame turetti dubbii Waaqayyo bartootatti dubbate yaadatti qabadhaa: “Yommus duumessi dhufee hunduma isaaniitti uffise; sagaleenis duumessicha keessaa dubbatee, ‘kun ilma koo isa ani jaalladhu, isa dhaga’aa!’ jedhe” (Mar. 9:7). Sagaleen waa’ee ilmicha dhaga’uu asitti dubbatame kun sagalee isa waa’e “raajicha” dhaga’uu isa Keessa Deebii 18 irratti caafame waliin kan walitti hidhamedha. Sagaleen kun Yesuus isa Waaqayyoof dubbatu isa ol aanaa ta’uu nutti argisiisa. Akkuma sabni Isiraa’el raajota gara isaaniitti ergaman dhaga’uun isaanirra jiraatu akkasuma namni hundumtuu sagalee Kiristoos dhaga’uun isaanirra jira. Waa’ee dinqiiwwan Yesuus hojjete milikkita ta’uu ilaalchisee, Yoh. 20:30-31 ilaalaa. Akkuma milikkitootni biyya lafaa wanta guddaa ta’e tokko agarsiisuuf kaa’aman, dinqiiwwan Yesuus hojjetes milikkitoota humna fi guddummaa isaa aaksumas araara Waaqayyoo agarsiisanidha.





# 10. Macaafonni Raajotaa gartuu lammaffaa keessa jiran akkamiin toora qabsiifaman?


Macaafonni Kakuu Moofaa keessa jiran gareewwan sadiin qindaa'aniiru (Luq. 24:44 ilaalaa). Gareewwan kunis Seera, Raajotaa fi macaafota/caaffattoota (caaffattootni kun yeroo tokko tokko macaafota faarfannaa jedhamu). Macaafonni gartuu raajotaa jala jiran ammas bakka lamatti qoodamuu ni danda'u. Macaafonni qoodaminsa isa jalqaa keessa jiran seenaa saba Isiraa'el irratti kan xiyyeeffatanidha. Macaafonni kunis Iyaasuu, Abboota Firdii, Saamu'eel fi Mootota dha. Macaafonni qoodaminsa isa lammaffaa keessa jiran immoo xiyyeeffannoon isaanii inni jalqabaa seenaa miti. Isaan macaafota ibsa dabalataati. Sana jechuun, isaan macaafota hojii Isiraa'el irratti ibsa dabalataa kennanidha. Karaa biraatiin, macaafonni kun lallabaa fi barsiisa garaagaraatiin kan guutanidha. Macaafonni raajotaa gartuu "ibsa dabalataa/commentary" jala jiranis Ermiyaas, Hisqi'el, Isaayaas fi "Kudha lamaani" dha. "Kudha lamaan" kan jedhu raajota xixiqqaa 12 kan agarsiisudha: Hose'aa, Yo'el, Amos, Obaadiyaa, Yoonaas, Miikiyaas, Naahom, Anbaaqoom, Sefaaniyaa, Haagee, Zakaariyaa, fi Miilkiyaas. Macaafonni ibsa dabalataa gaggabaaboo ta'an kun kopha kophaa yoo ta'anillee, warri Yihuudotaa walitti dabalanii macaafa tokko gochuudhaan—"Kudha lamaan" jedhani. Kanaafuu, macaafa raajotaa keessaa gartuu seenaa jala kan jiran macaafota afur (Iyaasuu, Abboota Firdii, Saamu'eel fi Mootota) yoo ta'an kan macaafa raajotaa keessaa gartuu ibsa dabalataa jala jiranis macaafota afuridha (Ermiyaas, Hisqi'el, Isaayaas fi "Kudha lamaan").


Macaafonni gartuu seenaa jala jiran duraa duuba yeroo isaanii eeggatanii kan qindaa'an yoo ta'u, macaafonni gartuu ibsa dabalataa jala jiran immoo guddina abiyyee isaanii irratti hundaa'uudhaan kan qindaa'anidha. Ermiyaas hundarra dheeraadha. Kanaafuu inni raajota keessatti macaafa isa jalqabaati. (Macaafa qulqulluu isa hiika ammayyaa keessatti garuu macaafa jalqabarra taa'e miti.) Macaafni dheeraan inni lammaffaan Hisqi'e dha. Macaafni dheerinaan inni sadaffaan Isaayaas dha. Inni hundarra xiqqaan immoo "Kudha lamaan" dha.

Yeroo tokko tokko, Ermiyaas, Hisqi'el fi Isaayaas akka raajota "gurguddootti" ibsamu. Kana jechuun isaan warra "xixiqqoo" jedhaman (jechuun "Kudha lamaan") caalaa baay'ee barbaachisoodha jechuu miti. Akkas jechuun

macaafonni isaanii macaafota raajota “xixiqqoo” caalaa guddaa/dheeraa dha jechuudha. Raajonni “gurguddoonis” warri “xixiqqoonis” hafuuruma Waaqayyoon gaggeeffamani. Macaafonni hundinuu dhugaa fi dubbifamuufis kan malanidha.

Mata-dureen ijoon macaafa raajotaa gartuu ibsa dabalataa jala jiranii waa’ee firdii sababii waaqolii ormaa waaqessaniif Isiraa’elii fi Yihuudaa irratti dhufuuti. Raajonni akka Isiraa’elii fi Yihuudaan cubbuu isaaniitti gaabbaniif waamicha taasisu. Sabni sunis, haftee muraasa irraa kan hafe, yaada garaa isaa geeddarachuu hin barbaanne. Qooda kanaa raajota arii’atan akkasumas in ajjeesan (Mat. 5:12, 23:29, 23:34-37, fi Luq. 11:47). Raajota ajjeessuun yakka guddaa ture. Innis yaalii Waaqayyoon afaan qabachiisuuf godhame ture!





# 11. Jechoonni Raajotaan dubbataman jechoota Kiristoosiif dubbistoota qopheessu.


Macaafonni Ibsa dabalataa “raajota” keessa jiran hundi barsiisa waa’ee Waaqayyoo fi daandii isaa aaksumas karoora isaa of keessaa qabu. Barsiisni raajonni macaafota kana keessatti barsiisan of eeggannoon xiinxalamuu qabu. Akkaataa ittiin barsiisni kunniin Kakuu Haaraa keessatti hojiirra oole bu’uureffachuun, barsiisni kunniin qo’atamuu fi kiristaanota bara kanaanis fayidaarra ooluu akka qabu ifatti hubachuu ni dandeenya. Akkuma dinqiiwwan raajota Kakuu moofaatiin taasifaman waa’ee Yesuus Kiristoos nu yaadachiisuuf raawwatan, dubbii fi barsiisni raajota Kakuu moofaas waa’ee Yesuus Kiristoos nu yaadachiisuuf caafaman. Lallabdoonnii fi barsiisonni ogeeyyii ta’an dubbiiwwan raajota Kakuu Moofaa fi barsiisa Yesuus wal-qabsiisanii ilaalu. Inni, dubbiinis ta’ee gochaan, bakka bu’aa Waaqayyoo isa mudaa hin qabnedha. Inni “raajicha” isa Seera Keessa Deebii 18:15-19 keessatti waa’een isaa dubbatamedha (Akkasumas HoE. 3:17-26 ilaalaa). Sababii inni akka “raajichaatti” Waaqayyoon dibamee kaafameef, namni hunduu akka isa dhaga’uu fi dubbii isaafis abboomamu ajajameera.



## 12. Isiraa'elonni waaqolii baay'ee waaqessan.

Waaqayyo tokko qofaadha. Isa qofatus waaqeffamuu qaba. Kun immoo guutummaa Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa keessatti labsameera. Yaahiwween "Waaqa hinaafu" ta'uu isaa beeksiseera (Ba'uu 20:5, 34:14, Keessa Deebii 4:24, 5:9, 6:15, 32:21, fi Iyaasuu 24:19 ilaalaa). Waaqolii warra kaaniif oo'a hin qabu. Isiraa'el akka Yaahiwwee qofa waaqessaniif abbomamanii ture (Ba'uu 20:3-5 ilaalaa). Yoo waaqolii warra ormaa waaqessan biyya kakuu isaanii keessa akka arii'amanii baafamuu malan irra deddeebiin akeekkachiifamanii ture (fknf, Keessa Deebii 4:15-26 fi 30:17-18 ilaalaa). Yeroo Isiraa'el gaggeessaa Iyaasuutiin gara biyya kakuu isaaniitti galan, sababii sabni biyyicha keessa turan waaqolii tolfamoo waaqessanniif isaan balleessuuf turani. Sabni sun "gaarotaa fi mukkeetii magariisa hundumaa jalatti" waaqolii tolfamoo waaqessu (Keessa Deebii 12:2 ilaalaa). Kana jechuun otoo sabni Isiraa'el achi hin ga'iin saboonni biyya sana keessa jiraachaa turan guutummaa biyya sanaa bakka hundumaatti waaqolii tolfamoo waaqessu turan. Bakka mijataa argatan hundumaatti waaqa isaanii isa sobaa sanaaf bakka aarsaa hojjetu. Kanaaf sabni Isiraa'el saboota waaqolii biroo waaqessan kana waliin walitti dhufeenya akka hin uumneef akeekkachiifamanii ture. Isiraa'el garuu abboommii kanaaf tole hin jenne. Qooda kanaa, sabni Isiraa'el waaqolii saba biroo waaqessan. Saba biroo waliin hariiroo uummatan. Wantoota sabni kan biraan hojjetan hojjechuu jalqaban; akkuma sabni biraan waaqeffatanitti waaqeffachuu jalqaban. Dhugaan jiru, Isiraa'elonnis haaluma sabni warri kaan ibsamaniin ibsaman. Isaanis "gaarotaa fi mukkeetii magariisa hundumaa jalatti" waaqolii tolfamoo dhaabbatan (1 Mot. 14:23, 2 Mot. 16:4, 17:10, Erm. 2:20, 3:6, 17:2, His. 6:13, fi 2 Sen. 28:4 ilaalaa)! Raajonnis waa'ee waaqolii warra ormaa waaqessuu isaanii ilaalchisee saba Isiraa'el akeekkachiisan. Yoo yaada garaa isaanii hin geeddaratan ta'e maaltu akka isaan irratti ta'u isaan yaadachiisan. Sabni sun garuu yaada garaa isaanii hin geeddaranne. Qooda kanaa, raajota ajjeesan. Fakkeenyaatti, akkaataa ittiin Eliyaas wanta sabni bara isaa keessa turan godhan ibse ilaalaa (1 Mot. 19:10-14).

Ergaawwan baay'een macaafota ibsa dabalataa keessa jiran waa'ee waaqolii tolfamoo waaqessuu Isiraa'elii fi sababii isaan waaqolii tolfamoo waaqessaniif adabbii isaan irratti dhufuuti.




# 13. Raajonni Kakuu Moofaa irra deddeebiin waa'ee kakuu tulluu Siinaa kaasaniiru.

Yeroo tokko tokko, namoonni akka waan hojiin ijoo raajota Kakuu Moofaa waa'ee wanta gara fuula duraatti ta'uuf jiru raaguu ta'eetti yaadu. Sun qaama ga'ee isaanitti kennamee keessaa tokko kan ture ta'us, hojii isaanii warra ijoo keessaa tokko waa'ee baroota waggoota baay'ee dura darbanii dubbachuudha. Kakuu isa Yaahiwwee waliin tulluu Siinaatti dhaabbatanii turan sana saba Isiraa'el yaadachiisu (Ba'uu 20-24 ilaalaa). Kanaafuu, Ermiyaas, Hisqi;el, Isaayaas fi warri kudha lamaan irra deddeebiin abboommiiwwan seerota keessatti caafaman caqasu. Raajonni akka saboonni Isiraa'el fi Yihuudaa kakuu Yaahiwwee waliin qaban yaadatan taasisuun saboonni Isiraa'el fi Yihuudaa yakka kakuu cabsuutiin akka gaafataman itti beeksisu.

Macaafni Musee (Uumama, Ba'uu, Lewwoota, Lakkoobsaa fi Keessa Deebii) bara raajotaa irraa waggoota dhibbootaan lakka'amaniin dura barreeffame. Macaafni Musee irra deddeebiin karaa raajota bara Museen booda jiraatanii waan caqafamaa tureef Isiraa'el keessatti bal'inaan beekama ture. Raajonni akka seerota (maqaa biraa macaafni Musee ittiin waamamu) sana dubbisan ifadha; isas immoo akka hubatan, ittis amananii fi wanta achi keessatti caafamaniif immoo abboomamuun saba Waaqayyoo irraa ni eegama ture.

Raajonnis dandeetti addaatiin seerota sana macaafota isaanii keessa galchaniiru. Irra deddeebiin afaan kallattiidhaan seera keessaa fudhatametti fayyadamu. Seenaawwanii fi namoota macaafa Musee keessatti ibsaman ni caqasu. Haala itti fufinsa qabuun sabni akka kakuu Waaqayyoo fi Isiraa'el gidduutti bakka tulluu Siinaa jedhamutti taasifame yaadachiisu. Taateewwan macaafa Musee keessatti galmaa'an akka safartuutti fudhachuun taateewwan gara fuulduraatti ta'aniif haala mijeessu.

Akka fakkeenyaatti, Ermiyaas, Isaayaas fi Hose'aan waa'ee taatee ba'uu isa lammaffaa haala ifa ta'een dubbataniiru. Jechootaa fi taateewwan gadi fagoo ba'uu isa jalqabaa keessaa fudhachuun taatee ba'uu isa lammaffaa isa ta'uuf jedhuu ibsuudhaaf itti fayyadaman. Haala ittiin raajonni seera fayyadaman irratti hundaa'uun, dubbistootni isaanii akka macaafa Musee waliin wal baran akka barbaadan ifatti ni mul'ata. Akkasumas macaafichi macaafa aaboo qabu ta'uusaa akka beekaan ifadha. Sababii macaafa Musee fi macaafa raajotaa jidduu wal qunnamtii baay'een jiruuf, macaafa Musee macaafa raajotaa waliin wal cina qo'achuun lallabdoota ykn barsiisota baay'ee gargaara.





## 14. Raajonni waa'ee Kiristoos isa dhufuuf jedhuu fi mootummaa isaa ni beeku.

Raajonni yeroo waa'ee kakuu isa darbee irra deddeebiin dubbatan, waa'ee isa gara fulduraas immoo ni dubbatu. Hundi isaaniiyyuu, karaa tokkoonis ta'u karaa biraatiin, waa'ee dhufaatii Kiristoosii fi mootummaa isaa barreessaniiru (HoE. 3:18, 24 fi 1 Phex. 1: 10-12 ilaalaa). Kunis Yesuus maaliif waa'ee ofii isaa dubbachuuf jechoota raajotaatti fayyadamuu akka danda'e kan gadi fageenyaan ibsuu danda'udha (Luq. 24: 25-27 fi 44-47 ilaalaa). Raajonni yeroo sabni Waaqayyoo kakuu sana cabsuu isaanii beeksisanitti illee Waaqayyo kakuu haaraa akka fidaa jiru isaanitti beeksisaa turan (Erm. 31:31 fi His. 36:24-27 ilaalaa). Raajonnis kakuun inni haaraan kun karaa dhufaatii Kiristoos hojiirra ooluu danda'u ni beeku turan. Raajonni dhufaatii Kiristoos kana cimsanii eeggachaa turan (Mat. 13:17 ilaalaa). Isaan namoota amantii guutuu qaban turan.



# 15. Raajonni fudhatama dhaban.

Raajii ta’uun nageenyaa amansiisaas hin qabu salphaas hin turre. Ergaan raajotaa namoota baay’ee biratti fudhatama hin argatu ture. Raajonnis ergaa namoota baay’ee aarsuu danda’u waliin ergamu turan.


Akkaataa ittiin Yaahiwween tajaajila raajotaa ibsi yaadatti qabadhaa:


> Kanaafis ani karaa raajotaa sin qiqqirixee, dubbii afaan kootii
> ba’uunis sin ajjeesee; wanti na duratti qajeelaa ta’ee raawwatamu
> akka ifaa bakkee in ba’a. Hose’aa 6:5

Jechoonni raajotaa warra Isiraa’eliin kutuu waan barbaade fakkaata! Kunis immoo Waaqayyo sab asana waan jaalateef akka isaan yaada garaa isaanii geeddaratan barbaada. Hafteewwan muraasa ergaa isaaniitti amanan irraa kan hafe, namoonni irra caalaan dubbiiwwan raajotaan dubbataman hin fudhanne. Raajonni Waaqayyoo ni arii’ataman (Mat. 5:11-12, Mat. 23:29-39, Mar. 12:1-2, Luq. 11:47-51, 13:34, HoE. 7:51-53, fi Ibr. 11:32-38). Baay’een isaanii sababii ergaa akka labsaniif Waaqayyo itti isaan waameen du’ani (akka fakkeenyaatti, 1 Mot.19:14 ilaalaa). Raajota ajjeessuncubbuu guddaa ture, sabani isaas immoo yaalii Waaqayyoon afaan qabachiisuu ture. Yaadadhaa, raajonni, dubbii himtoota Waaqayyooti. Kanaafuu, raajota ajjeessuun yaalii sagalee Waaqayyoo “ajjeesuu” ti. Namoonni baay’een sagalee raajotaa fudhachuu in didan. Kun bara kakuu moofaa keessa dhugaa ture, akkasumas bara Yesuus, bara raajiin inni guddichi biyya lafaa irratti tajaajilaa turettis dhugaa ture.

Haa ta’u malee, namoonni hambaa/haftee ta’an muraasni raajotatti amanuun dubbii isaaniif deebii kennaniiru. Kun bara kakuu moofaa keessa dhugaa ture. Bara Yesuus biyya lafaa irratti tajaajilaa turettis dhugaadha. Har’as immoo dhugaadha. Sabni Waaqayyoo dubbii raajotaa dhaggeeffatanii dubbichaaf immoo deebii ni kennu. Bara kakuu moofaa keessa, warri hambaa ta’anii Yaahiwwee duukaa bu’an sagalee raajotaa ni dhaga’u, sababni isaas Yaahiwween waan isaan waameef akka isaan isa duukaa bu’uu danda’an isaan gargaara (akka fakkeenyaatti, 1 Mot. 19:18 ilaalaa). Har’allee namoonni hambaa ta’an sababii Waaqayyo akka isaan isa duukaa bu’an gargaaruuf raajota ni dhaggeeffatu (Yoh. 6:44 ilaalaa).

Waldaan bu’uura ergamootaa fi raajotaa irratti ijaarame (Efe. 2:20 ilaalaa).Sababni jechi “ergamoota jedhu Efesoon 2:20 irratti dursee dhufeef immoo sababii egamoonni tajaajila dubbii raajotaa amantootaaf hiikuu keessatti shoora barbaachisaa taphataniifidha.






## 16. Ergaawwan Macaafota hiikaa kan Raajota keessa jiranii akkamiin toora qabsiifaman.

Macaafonni raajotaa dubbiiwwan Isiraa’eliin waa’ee cubbuu isaanii isa darbeef ceepha’anii fi waa’ee gara fuulduraatiif immoo dubbiiwwan abdii kennan wal jala jijjiiranii fayyadamu. (Yeroo tokko tokko immoo dubbiiwwan ceephoo kun cubbuuwwan sabni biraa taasisan waliin kan wal qabatanidha.) Barreessichi yoomiin mata dureewwan kana wal jala akka jijjiiran hin beeksifne. Kanaafuu, dubbistootni yeroo dubbisan jijjiiramni yaadaa kun raajota keessatti baratamaa ta’uu isaanii adda baasanii beekuu qabu. Karaa kanaan, macaafonni ibsa dabalataa raajota keessa jiran macaafota seenaa irraa caseffama addaa qabu.

Dabalataanis, amala raajummaa warra Ibirootaa keessaa tokko irra deddeebiin wal jala jijjiiramaa adeemuu dubiiwwan gaarii fi hamaa ta’aniiti. Lakkoofsonni muraasni waa’ee waan hamaa dubbatu. Lakkoofsonni hamaa ta’an kunniin battalumatti lakkoofsota dubbii gaarii qabaniin yeroo hordofaman argitu. Macaafota raajotaa Macaafa qulqulluu Ibirootaa keessatti dubbiiwwan hamaa fi gaariin kunniin marsaa marsaadhaan deddeebi’uun isaanii waan beekamaadha. Akka fakkeenyaatti, adeemsa macaafa raajicha Hoose’aa keessa jiru ilaalaa. Hose’aa 1:1-9 dubbii hamaa of keessaa qaba. Waa’ee badisa Isiraa’eliif waan dubbatamedha. Hose’aa 1:10-2:1 immoo waan gaariidha. Waa’ee jireenyaaf du’aa ka’uu Isiraa’elotaa dubbata. Gara fuulduraatti gaggeessaa isaaniif kennamu jalatti Isiraa’elonni akka birmaduu ba’anii fi guddaa baay’atanis ni abdachiisa. Kun abdii wangeelaati! Hose’aa 2:2-13 immoo waan hamaadha. Hose’aa 2:14-23 waan gaariidha. Adeemsi kun guutummaa macaafichaa keessatti haala wal fakkaatuun itti fufa. Macaafonni biroon macaafa raajotaa ibsa dabalataa jala jiranis adeemsuma wal fakkaataa hordofaniiru.

Macaafonni raajota keessa jiran maaliif akkas ta’an? Kutaawwan dubbii hamaa qaban bakka tokkotti kutaawwan dubbii gaarii qabanis bakka tokkotti maaliif walitti qabamanii hin teenye? Tariitii, irra deddeebi’ee wal jala jijjiiramuun dubbiiwwan hamaa fi gaarii ergaawwan macaaficha keessa jiran—isa gaariis ta’ee inni hamaa—amma amma sagaleewwan haaraadhaan

irra akka deddeebi’amaniif ta’a. Ergaawwan macaaficha keessa jiran irra deddeebi’uun barbaachisaadha, sababni isaas sabni Waaqayyoo ergaawwan kana irra deddeebiin ammas ammas dhaga’uu qabu. Lallabdootaa fi barsiisotaaf wantoota ulfina qaban kan kuticha keessatti xiyyeeffannoo argatan irratti xiyyeeffachuun salphaadha. Yeruma wal fakkaataatti immoo, wantoota ulfaatoo kuticha keessatti xiyyeeffannoon itti kenname irra utaaluunis salphaadha. Kun immoo ogeessa isaan hin taasisu. Lallabaa fi barsiisaan ogeessi wantoota macaafa raajotaa keessa jiran hundumaa irratti xiyyeefata.



# 17. Ba'aal eenyu?

Bara raajotaa keessa sabni Isiraa'el waaqolii baay'ee waaqessan. Waaqolii isaan waaqessan keessaa kan irra deddeebiin maqaan isaa dha'amu kan Ba'aal jedhamudha. Yeroo tokko tokko Ba'aal kun baaqqeedhaan ("Ba'aa") jedhamee ibsama. Yeroo tokko tokko immoo "Waaqolii Ba'aal" jedhamee ibsameera. Karaa kamiinis ta'u Ba'aal waaqessuun seera Waaqayyoon faallaa deemuudha.


Ba'aal waaqessuun immoo hanga tokkollee ta'u, sabni sun sagaagaltoota amantii waliin ejja raawwachuu qabu. Sagaagalummaan jibbisiisaan kunis kan hojjetamu sababii Ba'aalis waanuma wal fakkaataa Anaat (waaqittii ishee inni fuudhe) sanaa waliin hojjetuufidha. Kanaafuu, hojiiwwan sagaagalummaa namoonni lafa irratti taasisan akka waaqoliin isaanii waaqarratti hariiroo sagaagalummaa kaka'umsa qabu qabaatan taasisa jedhanii amanu; kunis immoo qillensi gaariin akka jiraatuu fi oomishni qonnaa isaanii akka badhaadhu taasisa jedhanii amanu.

Ba'aaliin ilaalchisee seenaawwan durii durii baay'een argamaniiru. Seenaawwan muraasni lola Ba'aan waaqa galaanaa kan Yaam jedhamu waliin taasise ibsa. Muraasni immoo lola inni Moot, waaqa tolfamaa isa yeroo bonaa goginsa fide jedhamu waliin taasise ibsa. Akka seenaawwan kanaatti, deeggartuun cimtuu Ba'aal Anaat turte. Anaat kun immoo waaqitti tolfamtuu inni isheen waliin sagaagalummaa hojjetudha. Anaat kun obboleettii fi haadha manaa Ba'aal dha.

Sabni Isiraa'elii fi Yihuudaa Ba'aalin qofa waaqessan miti. Yeroo baay'ee waaqeffannaa Ba'aal "waaqeffannaa" Yaahiwwee waliin walitti maku. Amantii walitti makuun akkasii kunis yeroo baay'ee wal-simsiisa (syncretism) jedhama. Baroota raajota keessatti ibsaman keessa Yaahiwween waaqeffannaa Isiraa'el isa "walmakaa" sana hin fudhanne (Ba'uu 20:2-6 ilaalaa). Ergan takkaatti Ba'aaliin amanachaa Yaahiwwees amanachuun hin danda'amu. Yaahiwween, akka abbaa manaa Isiraa'elitti, wanta haadha manaa isaaf barbaachisu dhiyeessuu fi eegicha gochuuf abdachiiseera. Kunis immoo qaama kakuu inni ishee (Isiraa'el) waliin galeeti. Haa ta'u malee, isheen akka "haadha manaa"

Yaahiwweetti eegicha inni isheef godhutti hin amanne. Isheen akka waan Ba'aal nyaata fi dhugaatii akkasumas haala mijataa isheef kennaa tureetti yaadde.

Waaqayyo garuu hin jijjiiramne. Ammalle taanaan inni waaqeffannaa "walmakaa" hin fudhatu (fakkeenyaaf, Mat. 6:24 ilaalaa). Namoonni Waaqayyoon qofa waaqeffachaa jiraachuu isaanii irratti of eeggannoo gochuu qabu. Inni warra waaqolii biro waaqessan hundumaa ni adaba.





# 18. Macaafonni Walaloo akkamiin hojjetu?

Raajummaan macaafa qulqulluu keessa jiru yeroo baay’ee bifa walalootiin dubbistootaaf dhiyaateera. Kun immoo dhugaa guutummaa Ermiyaas, Hisqi’el, Isaayaas fi warra kudha lamaanii keessatti argamudha. Macaafota akana keessatti kutaawwan muraasa bifa seenessaatiin dhiyaatan irraa kan hafe (akka fakkeenyaatti, Ermiyaas, Isaayaas, Hose’aa fi Yoonaas hundi isaanii kutaawwan bifa seenessaatiin dhiyaatan of keessaa qabu), irra caalaan raajotaa ergaa isaanii bifa walaloo fayyadamuudhaan dhiyeessani. Walaloon dubbistootaafis ta’ee lallaabaa fi barsiisaadhaaf kennaa guddaadha. Walaloowwan macaafa qulqulluu kana akkamitti akka dubbisan beekuun baarbaachisaadha. Kutaawwan walaloo macaafa qulqulluu keessa jiran akkamitti lallabuun akka qaban beekuun lallabdootaaf baay’ee murteessaadha.

Seenaa/seenessaatti (barreeffama bifa seenaa himuutiin barreeffametti) aanee, kakuu moofaa keessatti bifti barreeffamaa beekamaan walaloodha. Iyoob, Faarfannaa, Fakkeenya, Lallaba, Hisqi’el, Daani’eel, Hose’aa, Yo’el, Amos, Obaadiyaa, Yoonaas, Miikiyaas, Naahoom, Ambaaqoom, Sefaaniyaa fi Zakkaariyaas hundi isaanii walaloowwan gaggaariin kan guutamanidha. Akkasumas immoo walaloon macaafota kutaawwan macaafa qulqulluu kakuu moofaa biro keessattis bibittinnaa’anii jiru (Ba’uu 15:1-18 ilaalaa). Kana bira darbees, walaloowwan kakuu moofaa baay’een isaanii kakuu haaraa keessattis caqafamaniiru (HoE. 28:26-27 ilaalaa). Kanaafuu, lallabaan tokko walaloowwan macaafa qulqulluu keessa jiran adda baasuu, hubachuu fi fayyadamuu danda’uun isaa barbaachisaadha.

Sababii macaafonni walaloo jechootaa fi qindoomina adda ta’e fayyadamaniif, dubbistootni mala salphaa ta’een walaloo adda baafachuu ni danda’u. Walaloowwan kakuu moofaa keessatti argaman irra caalaan isaanii yeedaloodhaaf miti.walaloowwan macaafa qulqulluu keessa jiran bifa lakkoofsaa wal-tarree (Parallelism) jedhamuun barreeffaman. Wal-tarree yeroo jennu, sararri tokko ergaa wayii yeroo dabarsu sararri itti aanee dhufus yaaduma sarara jalqabaa irra ture jecha biraatti fayyadamuun, yeroo baay’ee haala humna ergicha dabaluu danda’uun irra deebi’a. Kun daandii baaburaa wal-tarree diriiran lama waliin wal fakkaata (yeroo tokko tokkos immoo himoonni sadii wal-tarree hiriiruu ni danda’u). Sararri daandii baaburaa inni lammaffaa isa jalqabaa caalaa jabaadha jedhaa yaadaa. Walaloowwan macaafa qulqulluu keessa jiran irrattis yaadni wal-tarree kun wal fakkaataadha..

Daandiin biraan waa'ee yaada wal-tarree (parallelism) yaaduu dandeenyu go'aa (eekoo) dha. Sagaleen tarree lammaffaa eekoo/go'aa isa jalqabaa ti. Go'aa/eekoo "baratamaa" keessatti yeroo namni waan ta'e iyyu, go'aan sagalee/eekoon deebi'ee dhufu jechuma wal fakkaataadha. Walaloo macaafa qulqulluu keessatti garuu, go'aan/eekoon isaa sagalee/jecha wal fakkaataa hin fayyadamu. Lamaan isaanii kan wal fakkaatan yoo ta'anillee, sararri inni lammaffaa sarara isa jalqaa irraa addadha. Yeroo baay'ee karaa ta'een isa duraa irra ni cimata.

Kan armaan gadii kun fakkeenya walaloo macaafa qulqulluu macaafa faarfannaa keessaa fudhatameeti. Sararri inni lammataan akkamitti yaada sarara isa jalqabaa akka irra deebi'e yaadatti qabadhaa, garuummoo jechoota ciccimootti fayyadamee yaadicha ibse:

Yaa Waaqayyo, aarii keetiin ana hin ifatiin;
Dheekkamsa keetiinis ana hin adabiin! Faarfannaa 38:1

Ammas, akkuma sararoonni daandii baaburaa lama wal-tarree diriiran, sararri inni lammaffaa 38:1 sarara isa tokkoffaa waliin wal-tarree diriiree jira. Kun immoo jechoota achitti keessatti fayidaarra oolan irraa hubachuun ni danda'ama. Lamaan isaaniiyyuu ifaan ifatti wal fakkaatoodha. Jechi sarara jalqabaa irratti "ifachuu" jedhu jecha sarara lammaffaa irratti "adabuu" jedhu waliin wal fakkaata. Garuu jechi "adabuu" jedhu jecha "ifachuu" jedhu caalaa akka jabaatu yaadatti qabadhaa. Ammas, sararoonni lamaan walaloo sanaa akkuma sararoota daandii baaburaa wal-tarree kan deeman yoo ta'an, "sararri baaburaa inni lammaffaan" sarara isa jalqabaarra cimaa ta'uun isaa mul'ataadha. Haaluma jechi "adabuu" jedhu kan Faarfannaa 38:1 irra sarara lammaffaa jiru jecha "ifachuu" jedhu sarara tokkoffaa irra jiruun wal-tarree deemuun, jechi "dheekkamsa" jedhu kan sarara lammaffaa irra jiru, jecha "aarii" jedhu kan sarara jalqaa irra jiruun wal-tarree adeema. Haa ta'u malee, akkuma adeemsa wal-tarree keessatti eegamu, jechi "dheekkamsa" jedhu jecha "aarii" jedhu waliin wal-tarree yoo ta'u, innis immo jecha "aarii" jedhu caalaa jecha jabaadha.

Fakkeenya adeemsa wal-tarree (parallelism) kan biraa Hose'aa 6:2 irraa haa ilaallu:

Guyyaa lama booddee deebisee nu fayyisa,

Sadaffaatti ol nu kaasa;
fuula isaa dura in jiraanna

Akkaataa ittiin lakkoofsonni ibsaman yaadatti qabadhaa, sarara isa lammaffaa irratti "sadaffaa" kan jedhu isa sarara tokkooffaa irra jiru jiru "lama" kan jedhurra tokkoon guddaadha. Lakkoofsota bifa kanaan fayyadamuun adeemsa wal-tarree kana keessatti baratamaadha. Lakkoofsi inni lammaffaa isa jalqabaarra guddaadha. Kun maaliif macaafni fakkeenyaa wantoo akka "Waaqayyo waan ja'a in jibba; isa torbaffaa immoo in ciigga'a" (Fakkeenya 6:16) jedhan akka fayyadamu nuuf ibsuu danda'a ta'a.Yaahiwweetti waa'een wanta ja'aas ta'ee wanta torbaa bitaa itti hin galu. Isarra wanti kun gosa walaloo macaafa qulqulluu isaa bifa addaa kan qabudha. Sararri inni lammaffaan isa jalqabaa waliin wal-tarreedha, garuu karaa wayiitiin sarara jalqabaa sana cimseera. (Akkasumas immoo, wantoota Yaahiwween "jibbuu" fi wantoota "ciigga'u" jidduu guddina jiru yaadatti qabadhaa.)

Maaliifidha kan Waaqayyo akka caalaatti walaloo irratti hirkataniif kan isaan kakaase? Gaaffii kanaaf deebiiwwan baay'een jiraachuu ni danda'u ta'a. Deebiin tokko garuu, amalli ergaa raajotaa bifa walaloo waan barbaaduufidha. Namoonni dubbiiwwan seera Musee keessatti caafaman dhaga'aa hin turre. Kana jechuun Waaqayyoon dhaga'aa hin turre jechuudha! Kanaafidha kan Waaqayyo macaafa raajotaa keessatti bifa ogummaa barreeffamaa haala isa duraarra jabaa ta'een sabatti dubbatu kan fayyadame.Kana jechuun akka waan dhaggeeffatamaa jiru tokkotti sagalee ol dabaluuti. Namoonni dhaggeeffachaa waan hin turreef, Waaqayyo bifa dubbii isa sagalee "guddaa" qabu kan otoo hin dhaga'iin bira darbuun ulfaatu qopheesse.

Adeemsa wal-tarree (parallelism) keessatti irra deddeebiin haala dhaabbataa ta'een uumamu haala adda ta'een qabxiiwwan ka'anitti xiyyeeffannoo kennuuf yaadameeti. Qabxiiwwan ijoo jechoota cimoon dubbatamanii irra deebiin jechoota caalaatti cimoo ta'aniin dubbatamu. Sababni kan biraan, walaloowwan jechoota dubbii akkasuman dubbatamu keessatti fayidaarra oolan caalaa kan nama naasisanitti fayyadamu. Amalli naasisuu jechoota walaloo kunis ergicha tuffatanii bira darbuuf ulfaataa taasisu. Sababni inni dhumaa, jechoonni walaloowwan macaafa qulqulluu kan yaadatti qabatamuu/yaadatamuu danda'anidha. Yeroo itti namoonni baay'een dubbisuu hin dandeenyetti, ergaawwan raajotaa bifa namoonni irra deddeebi'uu fi yaadachuu danda'aniin dhufa. Kun ammas taanaan dhugaadha. Jechoonni macaafa raajotaa keessatti argaman jechoota kutaa macaafa qulqulluu bifa seenaan barreeffaman keessatti argaman caalaa yaadatti qabachuuf ni salphatu.



# 19. Raajonni maaliif afaanota jajjaboo akkasii akka fayyadaman.

Raajonni jechoota yeroo fayyadaman haala dubbistoota naasisuu danda'uun fayyadamu. Jechoonni ciccimoo yeroo baay'ee raajonni fayyadaman hubatamuu ni danda'u, sababni isaas immoo namoonni jechoota "baratamoo" ta'anitti gurra hin kennan waan ta'eef. Sababii namoonni jechoota "baratamoo" ta'an hin dhaggeeffanneef, raajonni ergaa isaanii dabarfachuuf jechoota ciccimoo fi caalaatti ciccimoo ta'anitti fayyadamuuf dirqamu. Jechoonni ciccimoon kun immoo yeroo baay'ee bakbuusadha (jechuun ergaa sana ulfeessuuf waan biraan bakka buusanii ibsu). Kun immoo jechoota ittiiin waan tokko ibsuuf waan biraa waliin wal bira qabanii ibsanidha. Akka fakkeenyaatti,yeroo tokko tokko Isiraa'el akka wayiniitti ibsamu. Yeroo tokko tokko immoo akka harree didaatti ibsamaniiru. Raajonni bakbuusa fayyadamuu irratti warra ga'umsa addaa qabanidha.

Akka fakkeenyaatti, sabni Isiraa'el waaqolii tolfamoo waaqessaa turani. Cubbuu kanas ilaalchisee irra deddeebiin akeekkachiifamanii ture. Raajonnis waa'ee waaqolii tolfamoo waaqessuu isaanii kanaaf isaan akeekkachiisuu fi yaada garaa isaanii akka geeddaratan isaan kadhachuuf itti ergamanii ture. Raajonni immoo, miira waliigalaatiin, abdii sana Isiraa'el isa dhumaati. Waggoota baay'ee baay'eedhaaf, sabni Isiraa'el akka macaafota Musee keessatti gara isaanii dhufetti dubbii Waaqayyoo dhaga'uu didaniiru. Akkasumas immoo Isiraa'elonni dubbii Waaqayyoo isaa karaa raajota warra jalqabaa gara isaanii dhufe dhaga'uu didaniiru. Kanaafidha egaa kan raajonni warri gara boodaa dubbiiwwan caalaatti ciccimoo ta'an kan isaan tuffatanii darbuu hin dandeenyetti fayyadamanii dubbachuun kan dirqaman.

Akka fakkeenyaatti, raajichi Hose'aan waa'ee waaqolii warra ormaa waaqessuu isaanii irratti isaan akeekkachiisuuf Isiraa'elitti ergamee ture. Salphumatti "waaqolii tolfamoo waaqessuu irraa deebi'aa" jechuu danda'a ture. Jechi kun jecha Waaqayyo biraa ayyaana argatedha. Garuu Hose'aan yeroo Isiraa'elitti waa'ee waaqolii tolfamoo waaqessuu isaanii dubbate jecha "baratamaa" kana hin fayyadamne. Silaa Isiraa'el Hose'aa dhaga'uu dhiisuu ni danda'u. Qooda kanaa, Hose'aan jecha haala naasisaa ta'een hojii saba sanaa ibsuu danda'u kan maaliif waaqolii tolfamuu waaqessitu jedhu caalu fayyadame. Sabni sun sagaagalaa akka jiru labse. Jechi kunii fi jechoonni isa fakkaatan kan Hose'aan fayyadame sirriitti xiyyeeffannoo saba sanaa qabachuu dandaa'era!

Sararoota walaloo waaqolii tolfamoo waaqessuu Isiraa'elotaa ibsu kan armaan gadii kana yaadatti qabadhaa. Otoo Isira'elota bara raajicha Hose'aa keessa jiran keessa jiraattu ta'ee kana dhaga'uun akkam akka ta'e yaadaa:

> "Haadha keessan hadheessaa! Isheen haadha manaa
> koo ta'uu waan dhiifteef, anis abbaa manaa ishee
> ta'uu waanan dhiiseef, ishee hadheessaa! Isheen
> halalummaa fuula ishee irraa mul'atu, milikkita
> ejjummaas harma ishee gidduudhaa haa baaftu..."
> Hose'aa 2:4

Hose'aan akka Isiraa'el ejjituu taatetti ibsa! Ulfaatina sarara walaloo kanaa miireffachuuf, namni wayii haadha keessan haala kanaan ibsi jedhaa yaadaa! Sababni namoonni raajii sana ajjeesuu hin barbaanneef hin jiru. Jechoonni jajjaboon raajotaan dubbataman akka namoonni guutummaatti garaa kutatanii dubbii Waaqayyoo dhaga'uu danda'an gochuuf yaadameetu. Waaqayyo ofii isaayyuu haaluma kanaan akka dubbataniif akka raajota erge beeksiseera. Sararoota walaloo kanaa yaada keessa galchuun (kun fakkeenya walaloo sarara sadii kan waliif tarree ta'aniiti) ilaalaa:


> "Kanaafis ani karaa raajotaa sin qiqqirixe,
> dubbii afaan kootii ba'uunis sin ajjeese;
> wanti na duratti qajeelaa ta'ee raawwatamu akkaifaa bakkee in ba'a." Hosea 6:5

Namoonni bara Kakuu Moofaa keessa jiraatan dubbiiwwan jajjaboo kana dhaga'uun isaanirra ture, namoonni bara kana keessa jiraatanis dubbii jajjabaa kana dhaga'uu qabu. Dubbiin jabaan kun bu'aa namoota bara Kakuu Moofaa kana keessatti ibsamaniif qofa akka hin barreeffamne yaadachuun barbaachisaadha. Namoonni bara kanaas dubbii akkasii kana dhaga'uu qabu. Yeroo baay'ee mata-jabummaa keenya keessa naasifamnee dammaquun nu barbaachisa! Dubbiin raajotaa kan waaqayyoon mirkanaa'edha. Xiyyeeffannoo namootaa mo'uudhaaf of eeggannoodhaan kan filatamanii fi akka namoonni dubbii Waaqayyoo isa gaarii dhaga'uu danda'an, yaada garaa isaanii geeddaratanii fi Waaqayyoof abboomamuu keessa deddeebi'an kan gargaaranidha (Ibiroota 4:12 ilaalaa).



# 20. Beekumsa Raajota Kakuu Moofaa isa guutuu hin taane.

Raajonni Kakuu Moofaa bara dhufaatii Kiristoos dura kan jiraatan yoo ta'anillee, raajonni hundinuu waa'ee Kiristoosii fi mootummaa isaa ni beeku turan akkasumas waa'ee isaa dubbataniiru (Luq. 24:25-27, 44-48, HoE. 3:18-26, fi 1 Phex. 1:10-12 ilaalaa). Kanaafuu, isaan amantoota kakuu isa moofaa jala jiraataa jiran yoo ta'anillee, raajonni sun kakuu isa haaraa dheebotaniiru, waa'ee kakuu isa haaraa dubbataniiru, akkasumas waa'ee bara isa kakuu haaraa barreessaniiru. Guyyaan Waaqayyoo inni abdachiifame guyyaa Kiristoositti akka dhufee darbu ni beeku, kanaafis guyyaa Kiristoos kana jiraachuudhaaf in dheebotu turan (Mat. 13:17 ilaalaa). Haa ta'u malee, waa'ee kiristoos dhugaadhaan kan dubbatan yoo ta'anillee, beekumsi raajonni sun qaban guutuu hin turre. Waa'ee Kiristoos caalaatti beekuu ni barbaadu ture, garuu isaan wanta macaafa Musee (Uumamaa-Keessa Deebii) keessatti mul'ifamee ture qofa ni beeku ture; caaffatoota kakuu moofaa warra kaan keessatti kan fiixaan ba'e, wanta Waaqayyo dhuunfaan isaanitti mul'isedha. Kana jechuun waa'ee Kiristoos wantootni gadi fagoon raajonni bara kakuu moofaa hin hin beekne jira ture. Dhugaan waa'ee Kiristoos kakuu moofaa keessatti haala dabalaa adeemuun mul'ifamaa dhufe. Kanaafuu, raajonni gara boodaa wanta raajota gara jalqabaatti mul'ifame irratti ijaaramaa deeman. Akkuma dubbistootni kutaawwan Kakuu Moofaa dubbisaa adeemaniin, suurri Kiristoos caalaatti ifaa ammas ifaa dhufe.



# 21. Beekumsa ergamootaa isa guutuu.


Ergamoonni Kakuu Haaraas ta'ee raajonni Kakuu Haaraa lamaanuu waa'ee Kiristoos barreessaa turan. Kanaafis kan waldaan "bu'uura ergamootaa fi raajotaa" irratti ijaaramte (Efesoon 2:20 ilaalaa). Dubbisa Efesoon kana keessatti ergamoonni jalqaba irratti barreeffaman, sababni isaas isaan warra wanta raajonni dubbatan sana hiikan waan ta'aniifidha. Isaan akka dubbistootni karaa sirrii wanta raajonni dubbatan hubatan karaa agarsiisan. Raajonni Kakuu Moofaa waa'ee Kiristoosii fi mootummaa isaa kan barreessan yoo ta'anillee, dubbistootni garuu dubbiiwwan raajota Kakuu Moofaa waa'ee Kiristoos dubbataman haala Kakuu Haaraa keessatti caafame kanaan ifa ta'uu danda'an jedhanii hin eegan. Ergamoonni Kiristoosin itti siqanii ilaalaniiru. Isa qaqqabataniiru. Raajonni Kakuu Moofaa garuu Kiristoosiin hin argine. Isaan akka namoota fagoo irra dhaabbatanii waa'ee waan tokko ibsaniiti. Namni fagoorra dhaabbatee fagootti waa ilaalu wantoota gurguddoo ta'an arguu danda'a, garuummoo wantootni gadi fagoo ta'an kan hubatamuu danda'an yoo wanta sanatti dhiyaatanii dhaabatan qofaadha.


Ammas, dubbiiwwan raajotaa guutummaatti dhugaadha, garuu raajonni bara taatee isaan waa'ee isaa dubbatan sun ta'u dursanii jiraatan. Kanaafuu, barreessitootni ibsa raajonni Kiristoos ittiin ibsan sana eeguu qabu, akkasumas taateewwan wangeelaa wantoota ifa hin taane muraasa qabaachuu ni danda'u. Wanti ifa hin taane kun immoo kennaa dubbistootaaf kennamedha. Raajonni baay'een waa'ee Kiristoosii fi mootummaa isaa ibsuuf walaloowwan baay'eetti fayyadamuuf dirqamaniiru. Walaloowwan Kakuu Moofaa waa'ee Kiristoosiif barreeffaman miidhagina addaa qabu. Kana bira darbees, sababii bifa walalootiin jiraniif, jechoota kana yaadatti qabachuun salphaadha. Jechoonni kun garuu karaa tokkoonis ta'e karaa biraa caaffata kakuu haaraan olitti hubachuudhaaf kan nama rakkisanidha. Karaa biraatiin garuu, gadi fageenyii fi badhaadhinni jechoota isaanii jechoota ergamootaarra kan caaludha. Walaloon keessa laphee namootaa qaqqabuudhaan, miira namaa isa gadi fagoo dammaqsuuf kan yaadamedha. Ibsi kakuu moofaa waa'ee Kiristoosii fi mootummaa isaa ilaalchisee kenname amantoota kakuu haaraa gadi fageenyaan kan jajjabeessudha. Raajonni akka dhaloota boodaa warra Waaqayyoonis jaalataniif barreessan ni beeku turan. Dhaloonni

boodaa kunis immoo dubbii isaanii dubbisanii, achi keessaa abdii argachuun abdii argatanitti akka jajjabaatan ni beeku turan.

Kanaafuu, Kakuu Moofaa keessaa macaafa raajotaa dubbisuun Kakuu Haaraa keessaa ergaawwan dubbisuu waliin wal hin fakkaatu. Barreeffamoonni ergaawwan keessa jiran baay’ee gabaabaa fi ifadha. Yeroo baay’ee kakuu moofaa keessaa caqasuun hiika isaanii irratti ibsa kennu. Barreeffamoonni macaafa raajummaa Kakuu Moofaa akka barreeffamoota macaafa ergaawwan Kakuu Haaraa ifaa fi kallattii miti. Irra caalaatti amala sochii Muuziqaa of keessaa qabu. Dubbiiwwan raajotaa miirawwan jajjaboo dammaqsuuf kan yaadamanidha. Gabaabbinaa fi kallattiidhaan ergaa dabarsuuf kan yaadaman miti.

Jechoonni raajotaa warra isaan dhaga’aniif amantii fi abdii isaan keessatti kakaasuu qabu. Jechoonni isaanii namoota dhufaatii Kiristoosiif qopheessuu qabu. Dhugumayyuu, Yesuus duukaa buutota isaa keessaa nama lama sababii “yaada garaa isaaniitiin daagii” ta’anii Kakuun moofaan waa’ee Kiristoos ta’uu isaa hubachuu dadhabaniif yeroo isaan ifatu argina (Luq. 24:25-27 ilaalaa) Kana jechuun namni hunduu wanta raajonni dubbatan hubachuutti daagiidha jechuu miti. Namoonni muraasni dubbii raajotaa amananii Yeroo Kiristoos dhufutti isa simachuuf qophaa’anis akka turan ifa dha. Fakkeenyaaf, haati Yesuus Maariyaamii fi abbaan Yohaannis Cuuphaa Zakaariyaas waa’ee abdii isa kakuu moofaa waan hubataniif abdiin isaanii isa irratti ijaaramuudhaan waa’ee dhufaatii Kiristoos akka eeggatan isaan taasise (Luq. 1:46-55 fi 67-79 ilaalaa).






# 22. Macaafa Ermiyaas.

Ermiyaas gartuu raajotaa isa lammaffaa (macaafota ibsa dabalataa) keessaa macaafa isa jalqabaati. Ermiyaas kutaa kana keessatti macaafa jalqabaa ta'uun isaa sababii Ermiyaas macaafota warra kaanirra baay'ee barbaachisaa ta'eef miti. Macaafonni macaafa qulqulluu keessa jiran hunduu "gaggeessaa hafuura Waaqayyootiin" caafaman (2 Xim. 3:16 ilaalaa). Macaafni Ermiyaas raajichaa jalqabarra kaa'amuun isaa sababii Ermiyaas raajota kutaa sana keessa jiraniif angafa ta'eef miti. Dhugaan jiru, Yoonaas, Amos, Hose'aa, Isaayaas, Miikiyaas, Naahoom, Ambaaqoom fi Sefaaniyaan hundi isaaniiyyuu warra Ermiyaas dursanii raajanidha.

Ermiyaas jalqabarra akka dhufu kan taasise sababii macaaficha macaafota gartuu sana keessa jiran hundarra dheeraa ta'eefidha. Macaafonni sun jalqaba irratti macaafa maramaa irratti waan caafamaniif, warri macaafota maramaa sana qindeessan hojii isa dheeraa jalqabarra taasisuun akka macaafota hundumaa macaafa maramaa tokko keessatti haammatamaniif haala mijeeffachuuf ture. Macaafni maramaa sun yoo macaafota gaggabaaboo ta'aniin eegale, carraan macaafni inni dheeraan sun macaafa maramaa sana keessatti bakka argatee barreeffamee xumuramuu isaa dhiphaa ta'a.


Ermiyaas DhKD baroota 627-580 jidduutti raaje. Innis aba Yihuudaaf kan caafe yoo ta'e, sababii cubbuu isaaniitiin waan isaan irra ga'uuf jedhuu akeekkachiisuun waa'ee guyyoota dhufuuf jedhaniis isaanitti dubbate. Akkuma raajota warra kaanii, Ermiyaasis arii'atamuun irra ga'eera. Waa'ee kakuu isa haaraas barreesseera (31:33-34 ilaalaa). Waa'ee "ba'uu isa lammaffaa"saba Waaqayyoof ta'uus barreesseera (16:14-15 fi 23:7-8 ilaalaa). Ermiyaas ba'uu isa lammaffaa kanas dhufaatii mootii isa mana Daawit keessaa ba'uu waliin wal qunnamsiiseera (23:5-6 ilaalaa). Mootiin inni mana Daawit keessaa ka'u kunis dhufeera. Maqaan isaas Yesuus jedhama (Mat.1:1 ilaalaa)!



# 23. Macaafa Hisqi'el.

Hisqi'el gartuu raajotaa isa lammaffaa (macaafota ibsa dabalataa) keessaa isa lammaffaadha. Sababni Hisqi'el kitaaba lammaffaa ta'eef immoo waan Hisqi'eel raajota kutaa kana keessa jiran keessaa hangafummaan isaa isa lammaffaa ta'eef miti. Raajonni baay'een isa dura raajaniiru. Kanaaf macaafonni raajotaa gartuu kana jala jiran adeemsa turtii yeroo isaaniitiin kan qindaa'an miti. Hisqi'el sababii dheerina isaatiin macaafota gartuu kana jala jiran keessaa lammaffaa ta'eef macaafa lammaffaa ta'ee toora qabate.


Hisqi'el lubaa fi raajii ture. Kan inni raaje DhKD baroota 593-570 jidduu ture. Innis ergaa kana saba Yihuudaaf caafe. Ergichas diigamuu Yerusaalemii fi mana qulqullummaa duraa fi booddee yeroo gabaabduu keessatti caafe. Dubbiin Hisqi'el saba Waaqayyoo warra lafa isaanii fi mana qulqullummaa isaanii dhabaniif kan abdii kennedha. Waaqayyo ammayyuu karoora isaaniif qabaachuu isaatti ni dinqisiifatan. Akkuma Ermiyaas, Hisqi'elis waa'ee ba'uu isa lammaffaa dubbateera (34:11-16 fi 36:22-38). Hisqi'el waa'ee lammataa dhalachuu saba Waaqayyoo (37:1-14 ilaalaa) akkasumas waa'ee jireenya isaan mootii isa Daawit irraa dhufu jalatti argatanii (37:15-28 ilaalaa) barreesseera. Waa'ee badisa isa diinota Isiraa'elitti dhfuuf jedhuus barreesseera (38-39 ilaalaa). Waa'ee mana qulqullummaa isa haaraa isa ijaaramuuf jedhuus caafeera (40-48 ilaalaa). Dubbii Hisqi'el asitti fayyadame kana Yesuus fayyadamuun waa'ee jireenya inni namootaaf kennuuf jedhuu fi hojii hafuura qulqulluun ittiin ibseera. Ergamaan Yohaannis jechootaa fi fakkeenyawwan Hisqi'el kana fayyadamuun Mul'ata 21-22 keessatti waa'ee Yerusaalem ishee haaraa ibseera.



# 24. Macaafa Isaayaas.

Isaayaas gartuu macaafa raajotaa isa lammaffaa (macaafota ibsa dabalataa) keessatti macaafa isa sadaffaadha. Inni dheerinaan macaafota ramaddii kana jala jiran keessaa sadaffaadha. Isaayaas DhKD baroota 740-700 jidduutti raaje. Innis saba Yihuudaaf kan caafe yoo ta'u, otoo isaan gara biyya Baabiloonitti gala hin ta'iin ture. Hose'aanis raajicha Isaayaas waliin bara wal fakkaataa keessa raaje, ta'us garuu tajaajilli isaa warra Isiraa'eliif ture. Miikiyaasis baruma wal fakkaataa keessa raaje. Dhugaan jirus, Isaayaasii fi Miikiyaas kutaawwan wal fakkaatan qabu (Miikiyaas 4:1-5 fi Isaayaas 2:1-5 wal bira qabaa ilaalaa). Kana jechuun, raajota kana lamaan keessaa tokko (Isaayaas ykn Miikiyaas) dubbii raajii biraa dhaga'aniiru ykn waan inni caafe fudhataniiru ta'a. Kun immoo raajonni yeroo sanatti walii walii isaanii kan dhaga'an ta'uu isaaniif raga dha!

Akkuma Ermiyaasii fi Hisqi'el, Isaayaasis waa'ee ba'uu isa lammaffaa dubbateera. Waa'ee "garbicha/tajaajilaa" Yaahiwwees waan guddaa dubbateera. Garbichi sunis Yesuus dha. Dhugaan jirus, Isaayaas keessa "faarsaawwan garbichicha" afurtu jiru ( 42:1-4, 49:1-6, 50:4-9, fi 52:13—53:12 ilaalaa). Isaayaas bakka baay'eetti waa'ee dhufaatii Kiristoosii fi mootummaa Kiristoos raajeera (fakkeenyaaf, 9:1-7). Akkasumas immoo "garbichi Waaqayyoo" sun cubbuu saba Waaqayyoo akka ofirratti baatu beeksiseera (53). Isaayaas nama Amantiiti. Inni mul'ata Yaawiwwee argeera (6:1-13 ilaalaa) akkasumas nama guyyaa itti abdiin Waaqayyoo fiixaan ba'u dheebotudha—guyyaa itti Waaqayyo saba isaa gidduu buufatu (64:1-12). Yesuus mana sagadaa keessatti yeroo barsiisu Issayaas 61 caqasee ture (Luq. 4:16-21 ilaalaa) Yesuusis, "kunoo, dubbiin macaafaa kun akkuma dhageessanitti har'a raawwatame" jedhe. Kana jechuun erga Isaayaas dubbiseen booda Isaayaas waa'ee isaa dubbatee akka ture hubate jechuudha.



# 25. Macaafa “Warra kudha lamaan.”

Warri kudha lamaan warra Yihuudotaa biraati akka maacafa tokkootti garuummoo kan kutaawwan 12 qabuutti ilaalamu. Macaafota kana akka macaafa tokkootti ilaaluun dubbistoota ammayyaa birattis gatii guddaa qaba. Haala kanaan, akkuma Ermiyaas, Hisqi’el ykn Isaayaas, akka tokkootti hojiirra oolu jechuudha. Isaan 9warri kudha lamaan) akkuma Isaayaas macaafa tokko ta’e isaanis walitti dhufanii macaafa tokkodha.

Macaafonni 12 macaafa tokko jenne kunis immoo duraa duuba yeroo isaanii eeggatanii kan qindaa’an miti. Otoo akkaataa isaan ittiin toora qabsiifaman kan yeroo bu’uureffate ta’eetii, Yoonaas, Amos, fi Hose’aan macaafota warra jalqabaa ta’u ture. Isarra, macaafonni 12 kan macaafa warra kudha lamaan jedhaman keessatti argaman waan mata duree isaanii irratti hundaa’anii qindaa’an fakkaata. Jechoonni xumura macaafa isa duraatti caafaman muraasni jechoota jalqaba macaafa isa itti aanuutti caafaman waliin walitti hidhatinsa qabu. Macaafonni sun akkamiin akka walitti qindaa’an sakatta’uun ga’ee lallabdootaati.

Jalqaba irratti waan argamuuf, Hose’aan akka seensa guutummaa “macaafa” warra kudha lamaa tti tajaajila. Kanaafuu, Hose’aan haala qabiyyee guutummaa macaafichaa qindeesse. Miilkiyaas immoo xumura “macaafa” warra kudha lamaa waan ta’eef, guutummaa macaafichaaf akka cufinsaatti tajaajila.

Yeroo tokko tokko, macaafonni kudha lamaan kun “raajota xixiqqoo” jedhamanii waamamu. Kana jechuun, barbaachisummaan isaanii “raajota gurguddoo” (Ermiyaas, Hisqi’el fi Isaayaas) warra jedhamaniin gadi jechuu miti. Salphaadhumatti akkas jechuun akka “raajota gurguddoo” qabiyyeen isaanii dheeraa miti jechuudha. “Caaffanni qulqullaa’aan hundinuu gaggeessaa hafuura Waaqayyootiin caafaman” (2 Xim. 3:16 ilaalaa), waan ta’eef macaafota xixiqqoon warra kudha lamaan keessatti argmanillee taanaan hunduu barbaachisoodha. Macaafonni hundinuu seenaa Kiristoosii fi mootummaa isaatiif waan gumaachan qabu.

Akkuma Ermiyaas, Hisqi’el fi Isaayaas keessatti dubbatame, macaafni warra

kudha lamaas waa’ee ba’uu isa lammaffaa saba Waaqayyoof ta’uu, dhufaatii Kiristoos, mootummaa Kiristoos, fi mo’amuu diina saba Waaqayyoo dubbateera. Wanti macaafota kana keessa jiru hundinuu “barsiisuuf, balleessaa hubachiisuuf, qajeelchuuf, qajeelummaattis leejjisuudhaaf dhimma in baasa” (2 Xim. 3:16 ilaalaa). Ergamoonnis irra deddeebiidhaan dubbiiwwan macaafa warra Kudhalamaan keessaa caqasaniiru.

Kan armaan gaditti dhiyaate tilmaana baroota itti tokkoon tokkoo raajota kudha lamaan jedhaman keessa jiran raajan kan ibsudha:

Hose’aa — 760-730 DhKD

Yo’el — naannoo 600 DhKD

Amos — tilmaamaan 760 DhKD

Obaadiyaa — naannoo 586 DhKD

Yoonaas — tilmaamaan 770 DhKD

Miikiyaas — 737-690 DhKD

Naahoom — naannoo 650 DhKD

Ambaaqoom — naannoo 630 DhKD

Sefaaniyaa — naannoo 627 DhKD

Haagee — naannoo 520 DhKD

Zakaariyaa— 520-518 DhKD

Miilkiyaas — tilmaamaan naannoo 433 DhKD